**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAATTI**

**KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMMAA**

**MUUMMEE AFAANII, OGBARRUU FI FOOKLORII**


# QAACCEESSA URUURSA (SOSSOBA) DAA'IMMANII GODINA ARSII AANAA HEXXOSAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE


**QOPHEESSITUUN: - TAADDALACH TULLUU**


**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA AFAANII, OGBARRU FI FOOKLORIIN**

SADASA.2014/2021

FINFINNEE

**YUUNIVERSITII ADDIS ABABAATTI**

**KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUUMMAA**

**MUUMMEE AFAANII OGBARRUU FI FOOKLORII**

**Waraqaa Mirkanneessaa (approval sheet)**

Ani gorsaan qorattuu Taaddalach Tulluu DrTaaddasaa Jaalataa qorannoo mata duree "Qaacceessa Qabiyyee Urursa (sossoba) daa'immanii Godina Arsii Aanaa Hexxosaa irratti Kan Xiyyeeffate" qorattuun hojjettee ilaalee hanga dhumaatti gorsa kenaan turee yoo ta'u qorannoon kun waan hundumaan gaha waan ta'ef akka dhiyyatuu mallattoo kootiin nan mirkaneesa.

| | | |
|---|---|---|
| Maqaa Gorsaa | mallattoo | guyyaa |

Nuuyi miseensii bordii xumuraa qorannoo qorattuu Taaddalach Tulluu mata duree "Qaacceessa Qabiyyee Urursa (sossoba) Daa'immanii Godina Arsii Aanaa Hexxosaa irratti Kan Xiyyeeffate", qorannoo kana ilaallee, dubbisnee waraqaan qorannoo kun gaha ta'u fi fudhatamaa ta'u isaa mirkaneessinee jirra.

| | | |
|---|---|---|
| Maqaa qoraa Alaa | mallattoo | Guyyaa |
| Maqaa qoraa kessaa | mallattoo | Guyyaa |

## Ibsaa Qorattuu

Jalqaba irratti waraqaan qorannoo kun kan koo ta’uufi ana Taddalach Tulluutiin kan qoratamee yoo ta’uu qorannoon kun nama biraatiin akka hin qoratamne nan mirkanessaa.

Maqaa: Taaddalach Tulluutiin

Mallattoo_________________

Guyyaa itti Galuu___/___

## Galata

Duraan durse nageenyafii fayyaa naaf kennee guyyaa kanaan naan gahee Waaqayyoo guddaa baay'een galateefadha. Itti aansuun gorsaa Koo DrTaaddasaa Jaalataa gorsa naaf keenuun qorannoo kana haala kanan qoradhee akkan xumuruuf Kan na gargaaranif galata guddaan kenna

Dhuma irraatti maatii Koofi wayyilaan koo karaa gara garaa beekumsaan, qarshiin, akkasumaas kadhataan bakkan barbaadee kan na cina dhabbataniif galataa koon isiinif dhiyyeessa galatooma.

## Baafata

# Contents

Waraqaa Mirkanneessaa (approval sheet) ........ ii
Ibsaa Qorattuu ........ iii
Galata ........ iv
Baafata ........ v
Fakkiiwwaan ........ viii
Jibsoo ........ ix
Axereraa ........ xi
BOQONNA TOKKO ........ 1
SEENSA ........ 1
1.1. Seen-duubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3
1.3. Gaaffilee Qorannoo ........ 4
1.3. Kaayyoo Qorannoo ........ 4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 5
1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6
BOQONNAA LAMA ........ 7
SAKATTA'A BARRUU ........ 7
2.1.1 Maalummaa Fookloorii ........ 7
2.2.2 Maalummaa Afoola Oromoo ........ 9
2. 2.3 Faayidaa Afoolaa ........ 10
2.2.4 Amaloota Afoolaa ........ 11
2.2.5 Akaakuu Afoolaa ........ 12
2.2.6 Maalummaa Afwalaloo ........ 13
2.2.7 Faayidaa Afwalaloo ........ 14
Maalummaa Urursa Daa'immanii ........ 15
2 .2.9 Qabiyyee Uruursa Daa'immani ........ 17

2.2.10 Barbaachisummaa IjoolleeUummataOromoo Biratti ..................................................... 17
2.2.11. Faayidaa Weedduu Urursa Daa'immanii ..................................................... 18
2.2.11.1 Gama Guddina Afoolaatiin ..................................................... 18
2.2.11.2 Gama Xiin-Sammuu Daa'immaniitiin ..................................................... 18
2.2.11.3 Faayidaa Weedduun Daa'immanii Haadholiif Qabu ..................................................... 19
2.2.11.4 Yoomeessa Weedduu Daa'immanii ..................................................... 19
2.2 Sakatta'aQorannoowwanAantee ..................................................... 20
2.2.1 Qorannoo Digrii Lammaffaa ..................................................... 20
2.2.2 Qorannoo Digrii Sadaffaa (PhD) ..................................................... 20
BOQONNAA SADII ..................................................... 21
MALLEN QORANICHA ..................................................... 21
3.2. Iddattoo Qoranicha ..................................................... 22
3.3. Mala Iddatteessuu ..................................................... 22
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ..................................................... 22
3.4.1 Af-Gaaffii ..................................................... 22
3.4.2. Marii Garee ..................................................... 23
3.4.3. Daawwannaa ..................................................... 24
3.5. Adeemsa Funaansa Odeeffannoo ..................................................... 24
3.6 Mala Qaacceessa Ragaalee ..................................................... 25
3.7 Naamusa Qorannichaa ..................................................... 25
3.8 Yaaxina Qorannoo Kana Keessatti Itti Fayyadamte ..................................................... 25
BAQANNOO AFUR ..................................................... 27
QAACCESSA RAGAALEE ..................................................... 27
4.1. Urursa Daa'immanii Kanneen Idilee Ta'an ..................................................... 27
4.1.1 Urursa Daa'immanii Kan Ijoollee Dhiiraaf Urursamu ..................................................... 27
4,1,2. UrursaDaa'immanii Intalaaf Ururfamu ..................................................... 30
4.1.3 Urursa Yeroo Daa'imman Boochu Ittiin Sossoban ..................................................... 32
4.1.4 Urursa Haati Daa'ima Ergachuuf Urursitu ..................................................... 36
4.1.5Urursa Haati Daa'ima Argatte Urursitu ..................................................... 38
4.1.6 Urursa Jaalala Daa'imaaf QabanAgarsiisuuf Urursamu ..................................................... 40
4, 1, 7UrursaDaa'imaaNyaata Nyaachisuuf Urursamuibsa' ..................................................... 45

4.1.8 Urursa haati yeroodheeraaf ilmoo dhabdee argatte urursitu ..... 48
4.2Uruursa daa'immani kanneen al Idilee ta'an ----- 52
4.2.1Uruursa daa'immanikan haati komii abbaa manaaittin ibsatu ----- 53
4.3. Faayidaa Urursa Daa'immanii ..... 57
BOQONNAA SHAN ..... 59
CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ..... 59
5.1. Cuunfaa ..... 59
5.2 Argannoo ..... 60
5.3. Yaboo ..... 60
5.4. Wabile ..... 62

## Fakkiiwwaan

Suuraa 1 yommuu haati daa'ima dugdatti baatte urursitu agarsiisu ............................................. 32
Suuraa 2 Suuraa yoomu haati daa'ima ergachuf urursitu agarsisu ................................................ 36
Suuraa 3 Urursa haati yeroo dheeraaf ilmoo dhabdee argatte agarsiisu .................................... 49
Suuraa 4 Yommuu qoratuun haadholii waliin marii taasisutu agaarsiisu...................................... 55

## Jibsoo

Algabara-------------------------------------kan hin qabamne

Arraw-----------------------------------------mammagaallan

Ashunquxii-----------------------------------akaakuu biqiltuu

Badada-----------------------------------------kununsa

Bosayaa---------------------------------------yarataa laafaa

Daqaanaa-------------------------------------garaa dubartootaa kan daa'imnni kessaabaye

Daatee------------------------------------------baddee dhokattee

Dilgoo-----------------------------------------rakkoo

Gaanee---------------------------------------fedhee barbaade

Gayyaa---------------------------------------dachaa

Gondolcha-----------------------------------sosoba amma amma dhungadhaa

Gonfaa----------------------------------------faayaa gogaarraa hojjatamu kan mudhitti hidhatan

Harsama------------------------------------- huccuu ciccita

Hiddiyyoo-----------------------------------fira dhiigaa

Kaamayaa-----------------------------------misaa jabaa

Kafare-----------------------------------------waaqatti amanu dide

Kasoomsuu----------------------------------madaqsuu garaa laaffisuu

Kurfeessuu----------------------------------walittiqabuu.bareechisuu

Kushitaa-------------------------------------qeenxee.waan kophaa

Maxaanxee-------------------------------------faayaa sibilarraa hojjatamuu kan bareedinaaf ijoolleen dhiiraa mudhitti hidhan

Muuxaa-------------------------------------bareeda

Qaabatuu------------------------------------yaadatuu

Qororoo-------------------------------------haada yookiin teepha horii didaa mataatti godhan

Raammoo----------------------------------ilmoo

Rabbii sirri'ii-------------------------------kan keessa namaa hubatu

Shaaraa-------------------------------------dhadhaa dhimbibame jalattihafe

Sodduu-------------------------------------dhagaa yeroo namni du'e awwaala irra dhaaban

Walaasuu-----------------------------------Sosobuu.urursuu

## Axereraa

Kaayyoon qorannoo kanaa uruursa daa'immani xinxaluu dha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf maloota qorannoo keessaa mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahe jira. Qoranicha gaggessuuf odeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan gandoota sadii aanaa kana keessatti argaman irraa afgaffi, mariigareefi daawwannaadhaan guuruun jechaan (akkamtaatiin) qaacceeffamani ijiru. Dhumarrattis, cuunfaa, yaboon ka'aamani jiru.Uruursidaa'immani kun yoomessaawwan kan akka boyuu dhorguu, nyaata nyaachisu, jaalala daa'imaaf qaban ibsachuu, daa'imman ajaja maatii akka fudhatuuf, tooftaan ergachuufi kanneen birootif. Kan ururfaman ta'uu fi gosonni urursaatis bakka lamatti akka qoodaman odeffannoo mala garagaraatin gurrame xinxalame irraa hubatame jira. Kana malees urursi daa'immani qabiyyee adda addaa akka qabuufi daa'immanifis ta'e haadholiif faayidaa akka qabu odeffannoo kallatti gara garaa irraa guurame xinxalameen hubatame jira. Kanaaf urursi daa'imani kun faayidaa heddu waan qabuuf, yeroo amma kana garuu dagatamaa waan jiruuf qaamnni dhimmi ilaalatu hundi afwalaloowwan urursaa kanaa walitti qabuun dhaloota dhufuuf akka dabarsu qorannoon kun nieera.

# BOQONNA TOKKO

# SEENSA

## 1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Uummanni Saba kamiyyuu beekumsaafi eenyummaa mataasaa danda'e niqaba. Aadaan, seenaan, amantaa, duudhaa, siyaasaafikan kana fakkaatan akkaataan uummata tokkoo kan ibsamus ta'e kan argamu fookloorii isaatin. "Fooklooriin qabeenya yookiin beekumsa uummataati. Qabeenyiifi beekumsi ummataa kun afaan uummatichaa afaan barreeffamichaa osoo hinta'in dura afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa waggoota dheeraaf turee jira akka Dorsan(1972;20) irratti jedhutti. 'Fookloriin bakka gurguddaa afuritti qoodama.Isaanis: afoola, meeshaalee aadaa, barsiifata hawaasaafi aartii duudhaati.' Akka yaada barreessaa kanaatti afoolli gosoota fookloorii afaanii keessaa isa tokko ta'ee himamsa afaanii(oral poetry) kanneen jedhaman ofjalatti qabatee aadaa, seenaa, eenyummaa hawaasaa afaaniin dhalootaatti dabarsuuf akkasumas hawwaasicha barsiisuuf, bashannansiisuuf, gorsuufi kan kana fakkaatanif kan fayyadudha.Afoolli bifa lamaan dhiyaachuu danda'a. Innis: bifa holoolotiiniifi afwalalotinii bifa afwalalootiin kan dhiyaatan keessaa :geerarsa, sossoba(urursa)daa'immanii, faaruu, faaruuloonii, faaruu booyichaa, weedduu cidhaafi kkf dha.

..

Afoolli hojii kalaqa sammuu ilmaan namaati.Afoolli kan irratti xiyyeeffatee kalaqamus wantoota, ta'iinsota,gochoota,mudannoowaan dhugaa hawaasa keessatti mul'atu bu`uureeffachuun hawaasumaan kalaqama. Kana malees, Yaadannoo(2024:6) irratti Misgaanuun wabeeffachuun yemmuu ibsu, afoolli ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaati. Kunis kan ibsu "afoola beekuun aadaa beekuu, aadaa beekuun jiruuf jireenya dhuunfaa irra darbani kan hawaasaa beekuu dha" jedha. Kana jechuun afoola keessatti jiruuf jireenyi hawaasaa haala adda addaatiin ibsamu danda'a yookiin ammoo eenyummaan hawaasaa afoola isaa keessatti ibsama jechuu dha. Karaa biraatiin barreessaan kun waa'ee afoolaa yemmuu ibsu, afoolli mata-duree baay'ee bal`aa waan ta'eef hiika gabaabafi ifa ta'e kennuun dhibaa dha jedha

.

Kunis afoolli jechoota afaan Ingilizii lama (folk fi lore) jedhan irraa akka dhufe eeruun hiikni isaaniis, 'folk' jechuun garee hawaasa walfakkaatanii fi mallattoo eenyummaa tokko ta'e qaban

akka ta`e lafa kaa`a. Akkasumas, ‘lore’ jechuun ammoo haftee qabeenya hawaasaa qo’achuu jechuun hiika. Gama biraatiin barreessaan kun akka eeretti jecha afaan Inglizii ‘folkore’ jedhu kana Afaan Oromootti gabaabisinee afoola yaadrimee afaanii dhalootaa dhalootaatti darbaa dhufe yoo jenne quubsaa ta’uu dhiisu mala jedha. Sababiin isaa afoolli gocha sirba, shubbisa, aadaa nyaataa, aadaa fuudhaafi heerumaa aadaa, amantiifi duudhaa garagaraa ofkeessaa waan qabuufidha. Walumaa galatti afoolli qabiyyee bal`aafi hiika gabaabinaan ibsamu waan hin taaneef jechoota muraasa qofa fayyadamuun ibsuun rakkisaa akka ta’e yaada armaan olii irraa hubachuun nidanda’ama.. Uummanni Oromoos uummata aadaa, seenaa, duudhaa sirna siyaasa diinagdee jireenyi hawaasummaan isaa sirna siyaasa diimokraatawaa ta’e sirna gadaatiin akkaof bulchaa ture beekamaadha.

Kana malees uummanni kun uumata waggaa dheraaf afoolaafi sirna bulchinsa garagaraa jireenya isaa ittiin gaggeeffataa ture dha. Gabaabumatti uummanni tokko afoola dhuunfaa isaa kan jiruufi jireenya isaa irraa gargar hin baane qaba. Karaa biraatin afoolli faaruu, weedduu, sheekkoo, mammaaksa, hiibboo, tapha ijoollee, urursa (sossoba) daa’immanii, durduriifi kkf of keessatti hammata. Kanumaan walqabatee uummanni Oromoo akaakuu afoolaa keessaa tokko kan ta’e sossoba (urursa) daa’immanii haala garagaraa keessatti dhimma  itti  baa’aa ture jira.. Kunis yeroo durii jaalala daa’imaaf qabu irraa kan ka’e weedduu garagaraa fayyadamuudhaan daa’imti isaanii akka hin boonye, akka nyaata nyaatuuf, akka raftuuf, akka bashannantuuf haati daa’imaa bifa faaruutiin daa’ima ofii urursiti yookiin faarsiti, Kana malees, sossobni daa’immanii kan uummanni Oromoo daa’imti guyyaa dhalate irraa eegalee jaalala daa’ima sanaaf qabu haala adda addaatiin ittiin ibsatu dha. Akka Adam (20l7) ibsutti:

> Uummanni Oromoo akkuma barbaachisummaa ijoolleefi jaalala ijoolleef qabu waliif ibsu, jaalala daa’ima isaatiif qabus daa’ima saniif haala adda addaatiin ibsa. Akkuma waan daa’imni beekutti jaalala daa’imaaf qaban gaafuma daa’imti garaa haadhaatii baate irraa kaasani ibsu jalqaban nii ililfatan, jaarsi buleessi yookiin jaartiin bulettiin arrii ofirraa buqqise(buqqifte) daa’imarra kaayaa(keessi) kunis daa’ima dhalattuu kanaaf umurii dheeraa hawwuu isaani agarsiisa.

Yaada kana irraa akka hubannutti uummanni Oromoo durii eegalee daa'imaaf iddoo olaanaa qabaachuu kan agarsiisuu dha. Kunis daa'ima faarsuu, yommuu daa'imti dhalattu sana handhuura daa'immanii fuudhanii horii, hoolaa yookiin re'ee fa'a irra kaa'uun kennaa kennuuf. Yeroo ammaa kana garuu, aadaan haala kanaan afoola fayyadamuun daa'ima kunuunsuun hawaasa aanaa Hexxosaa keessatti hin mul'atu. Yaaduma kanaan wal qabatee qorattuun tun waayee urursa daa'immanii ilaalchisee faaruu daa'immanii kana walitti qabuun qabiyyee yookiin ergaa weedduu daa'immanifi faayidaa isaa hawaasicha biraan gahuuf qabiyyee isaa xiinxaluun hubannoo uumuuf qorannoo kana gegesitejirti.

Sababiin qorattuun yaada qorannoo kana akka filattu ishii kakaase, turtii naannoo sana jiraataa turte keessatti af-walaloo urursa daa'immanii kana namoonni kan dhimma itti hin baane ta'uu hubachuunifi yeroo ammaa kanas namni dhimma itti bahu kan hin jirreefi dhabamaa kan jiru ta'uu isaa hubannoo argatte irraa kaka'umsa ishii keessatti uumameen qorannoo kana gaggeessitee jirti. Waayee urursa daa'immanii ilaalchisee faaruu daa'immanii walittiqabuun qabiyyee, ergaa weedduu daa'immaniifi faayidaa isaa haawasicha biraan gahuuf qabiyyee isaa xiinxaluun hubannoo uumuuf qorannoo mata-dureen isaa qaacceessa uruursa daa'immanii godina Arsii aanaa Hexxosaa irratti kan xiyyeeffate jedhu irratti qorannoo gaggessitee jirti.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Afoolli qabeenya hawaasaati.Hawaasni yeroo durii osoo barreeffamaan walii galuu hin eegalin dura keessa isaanii afaaniin ibsataa turan. Qorannoon kunis kan irratti gaggeeffamu qaacceessa uruursa daa'immanii Godina Arsii aanaa Hexxosaa irrati kan xiyyfeeffate dha. Gosoota afoolaa aanaa kana akeessatti yeroo durii beekaman keessaa uruursi daa'immanii isa tokko.Kunis uummanni Oromoo kanatti gargaaramuudhaan jaalala daa'ima isaaf qabu ibsachaa faaruu kanas dhaloota yeroo ammaa hawaasicha keessatti afwalaloowwan kanatti fayyadamuun daa'ima kunuunsuufi afwalaloo kana dhalootatti daddabarsuun baay'inaan hin mul'atu.Ka'umsi qorannoo kanaas afwalaloowwan urursa daa'immanii Godina Arsii aanaa Hexxosaa keessa jiru hawaasa keessaa walitti qabuun barbaachisummaafi qabiyyee isaa xiinxaluun hawaasa beeksisuufi hubanno uumuuf kaka'uma hawaasaa cimsuufi dhalota dhufuuf dabarsuuf qorannoo kana gaggeessitee jirt.

Qorattuun turtii naannoo sana jiraachaa turte keessatti afwalaloo sossoba(uruursa) daa'immanii kana namoonni akka dhimma itti hin baane hubachuuniifi yeroo ammaa kanas namni dhimma itti bahu kan hin jirrefi dhabamaa kan jiru ta'uu isaa hubannoo argatte irraa ka'uun kaka'umsa ishii keessatti uumameen bifa qorannootiin kaa'uun afoolli kun akka hin banne dhalotaa dhalotatti akka darbu yookiin jabaatee hawaasicha keessatti akka turu gochuuf qorannoo kana gaggeesitee jirti.

Qorannoon urursa daa'immanii irratti kanaan dura gaggeeffame akka qorattuun tun dubbistetti qorannoo mata-dureen isaa Qaacceessa Raawwii Faaruu Daa'immaniiAanaa Amboo jedhu kan Yunivarsitii Finfinnee Abiyoot Adinootiin(2016)kan gaggeeffame yommuu ta'u qorannoon kun immoo qaacceessa urursa daa'immanii kan jedhu irratti dha. Kanaaf qorannoon kun qorannoo sana irratti wanti inni dabalu qabiyyee urursa daa'immanii, gosoota uruursa daa'immanii, yoomeessa urursa daa'immaniifi faayidaa urursa daa'immanii of keessatti qabata. Kana malees qorannoowwan kanneen garaagarummaa yeroofi iddoo kan qabaniifi kaayyoowwan isaani garaagara kan ta'e dha.

## 1.3. Gaaffilee Qorannoo

Qorattuun kun adeemsa qorannoo ishii keessatti gaaffilee bu'uuraa armaan gadii kanneen haala barbaachisaa ta'een deebisuufi.

- Afwalaloowwan urursii daa'immanii yoomeessa akkamii keessatti faarfamu?
- Gosoonni urursa daa'immanii hawaasa keessatti faarfaman maal fa'i?
- Qabiyyeen urursa daa'immanii Kun maal fa'i?
- Faayidaan urursi daa'immanii ijoolleef qabu maali?

## 1.3. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon Kun kaayyoowwan gurguddoo lama qaba. Isaanis: kaayyoo gooroofi kaayyoowwan gooree dha.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyee urursa daa'immanii Aanaa Hexxosaa keessatti argaman xiinxaluu dha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Yoomeessa afwalaloon urursa daa'immanii keessatti faarfatamu ni ibsu.
- Gosoota urursa daa'immanii hawaasa keessatti faarfataman ni addeessu.
- Qabiyyeewwan afwalaloo urursa daa'immanii ibsuu.
- Faayidaa afwalaloon urursa daa'immanii ijolleef qabu ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Afwalaloon aanaa kana keessatti argaman kanneen biroo xiyyeeffannoo argataniifi qorannoofi qo'annoon akka irratti gaggeeffamuufi kanneen hawaasakeessa jiran haala gaariin akka kuufaman karaa saaqa.

Qorannoon kun qaamolee adda addaa fayyaduu danda'a.

Afwalaloowwan urursa daa'immaniitiin walqabatanii aanaa kana keessa jiran walitti qabuun dhaloota dhufuuf dabarsuufi qabiyyeen sossoba(uruursa) daa'immanii hawaasicha biratti akka hin irraanfatamne taasisuu danda'a. Namoota qorannoo kana fakkaatu hojjechuu barbaadaniif akka ka'umsaatti nitajaajila. Faayidaa sossoba(uruursa) daa'immanii hawaasa keessattiqabu hubachisuun hawaasichi akka xiyyeeffannoo itti kennu godha.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon mata-dureen isaa qaacceessa  uruursa daa'immanii Godina Arsii Aana Hexxosaa Xiinxaluu jedhu kana qorattuun haala adda addaatiin daangeessuu yaaltee jirti.Innis afoolawwan aanaa kana keessatti argaman baay'ee dha. Isaan keessaa qaacceessa qabiyyee urursa daa'immanii aanaa Hexxosaa irratti fuulleeffachuun kan qorannoo irratti adeemsistu dha. Afoolawwan aanaa kana keessatti argaman hunda irratti qorannoo gaggeessuuf immoo humna, yeroofi maallaqni qorattuu tana ni daangeessa. Kanaafuu afoolawwan aanaa kana keessatti argaman keessa

qaacceessa qabiyyee urursa daa'immanii irratti afwalaloowwan jiran hamma danda'me funaanuun xiinxaluuf jirti.Waliigalatti, afwalaloowwan aanaa kana keessatti argaman irrattis qorannoon osoo gaggeeffamee seenaafi eenyummaa uummatichaa ibsuuf barbaachisaa ta'us hanqina baajataafi yeroo irraan kanka'e qorannichi daangeeffamee jira.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqina qorannoo kanaati jettee qorattuun kan keesse keessaa muraasni: namoota afwalaloo urursa daa'immanii beekan baay'inaan argachuu dhabuu, yeroon qorannoo kanaaf kenname gabaabaa ta'uu, haalli jireenyafi yeroon hojii idileetiin qabamuun qorannicha gaggeessuuf haala mijaa'aa dhabuu, namoonni urursa daa'immanii beekanis odeeffannoo laachuuf fedhii dhabuu, kana malees iddoo hojii idilee turuun qorannicha hojjechuu keessatti manni kitaabaa gahaanwaan hin jirreef kitaabilee wabii gahaa argachuu dhabuu fi kan biroo.

# BOQONNAA LAMA
# SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti barruulee adda addaa sakatta'uudhaan qabxiilee qorannoo kanaan hidhata qaban irratti xiyyeeffachuun bakka ibsi bal'aan madda isa awaliin keessatti dhiyaateedha.Qabxiileen kanneenis maalummaa fookloorii, maalummaa afoola Oromoo, faayidaa afoolaa,amaloota afoolaa, akaakuu afoolaa, maalummaa walaloo, faayidaa walaloo,maalummaa uruursa daa'immaniifi qabiyyee uurursa daa'immanii, barbaachisummaa ijoollee uummata Oromoo biratti, faayida weedduu uruursa daa'immanii, kanneen gama xiinsammuu daa'immaniifi guddina afoolaatiin walqabatanii uruurfaman ilaalchisee yaada hayyootaatiin deeggaramuun faayidaa weedduun daa'immanii haadholiif qabu, yoomeessa weedduu daa'immaniifi sakatta'a qorannoowwan aantee haala armaan gadiitiin dhiyaate jira

## 2.1 Sakattaa barruu gama yaaxinaatiin.

### 2.1.1 Maalummaa Fookloorii

Fookloorii ilaalchisee hayyoonni gara garaa yaada gara garaa kaayu. Misgaanuun (2013) wabeeffachuun akka ibsetti,"folklore is the echo of thepast but at the same time it is also the vigorous voice of the present".Akka yaada kanaatti fooklooriin muuxannoo hawaasaa yeroo darbee tokko cimsee ittiin calaqqisiisuu qabuu dha. Fooklooriin ilaalcha amantaa, akkaataa aadaafi kan kana fakkaatan haala jireenya namoonni keessa turanii fi yeroo ammaa keessa jiran kan mul'isuu dha. Dabalataan Misgaanuun (2013)coffin cohen(1966) wabeeffachuun akka kaa'etti, "folklore continuously changes varing and developing because it is shaped by memories creative talents and immediate needs of human beings in particular situation" jechuun amaloonni afoolaa jijjiramuu, adda addummaa, dagaaguu sababa yaada sammuu namoota qaroomaniifi dandeettii kalaqaa akkasumas battala haala keessatti fayyadamu irratti hundaa'uu irraa kan ka'e jijjiramuu, geeddaramuu, dagaaguufis ta'e baduuf amala kana fakkaatu kan qabu ta'uusaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Melaknen (2006:8) fookloorii yoo ibsu "every group bound together or by common interest and purposes weather educated or uneducated rural or urban possessed a busy of tradition which may be called folklore" jechuun garee hawaasaa amala wal isaan fakkeessu qaban kan barates ta'e kan hin baratin, kan baadiyyaas ta'e kan magaalaa walitti isaan hidhuu kan danda'u dha

.

Akka Asfaan (2011) kaa'uutti, "fooklooriin ogummaa yaadi uume tokko osoo hin taane waan dhugaadhaan itti jiraatamee keessa darbu dha".Kana jechuun fooklooriin itti jiraatus ittiin jiraatuus jechudha. Kassnaanis, yeroo darbe darbuu isaa osoo hin taane, waan ta'ee darbe sana qorachuun jireenya bara sanii kan har'aatti fidna; yeroo kana fooklooriin jiraanne jedhama. barri darbe bara amma jiru kanaaf bu'uura yookiin ka'umsa ta'ee miidhagee har'i achirraa ka'ee dhugoomee boru uuma. Kanaaf fooklooriin jireenya dhugaa yeroo darbe ittiin ilaalamu yookiin mul'atu dha.

Bosswell fi kanneen biroo (1962) akka ibsanitti, "folklore is the generic term to designate the customs, beliefs, tradition, ales, magical practices, proverbs songs, etc. In short the accumulated knowledge of homogneous ansophisticated people".Fooklooriin jecha waan bal'aa of keessatti hammatee jiraatuudha.Duudhaa, amantaa, barsiifata, oduu, raagoo, mammaaksa, sirbootaafi kanneen kana fakkaatan ofkeessatti qabachuu mul'isa.Akka waliigalaatti, fooklooriin beekumsa yookiin ogummaa kuufamaa hawaasa hin baranne keessatti argamu jechuun ibsanii jiru. Yaada kana irraa kan hubatamu fooklooriin jecha waan baay'ee ofkeessatti qabatee garee hawaasa bal'aaf tajaajilu ta'uu isaati. Kana malees ogeeyyiin fookloorii garagaraa yeroo garagaraatti maalummaa fooklorii haala garagaraan kennaa turanii jiru.Kunis fooklooriin adeemsa dheeraa keessa darbee waan asgayeef, umurii dheeraa kana keessatti ,hayyoonni fookloorii kallattii garagaraatiin maalummaa fooklooriif hiika kennaa waan turaniif ta'uu danda'a.Kanneen keessaa Sims fi Steepens (2005) fookloorii haala armaan gadiitiin ibsa.

> Folklore is informally leayned, unofficial knowledge about the world, ourselves our communities, our beliefs, ourcultures and ourtraditions that is expressed creatively through wards, music, customs, actions, behavior and materials. It is also the interactiv, dynamic process of creating, communicating and performingas we share that knowledge with other people.

Akka yaada barreessaa kanaatti fooklooriin beekumsa idileen baratame haala hin beekamneen keessaa addunyaa mataa keenyaa, uummata keenyaa, amantaa keenyaa, aadaafi duudhaa keenya isa ogummaan, karaa afaanii muuziqaa, duudhaa hawaasaan, gochaan, amalaafi meeshaaleen

darbuu dha. Kana malees, walitti dhufeenya, kalaqa adeemsa jijjiramaa hordofu, walquunnamtiifi aartii sochii qaamaan uummatoota biroo wajjin haala adda addaatiin kan waliif qoodani dha.

### 2.2.2 Maalummaa Afoola Oromoo

Maalummaa afoolaa barreessitoonni adda addaa hiika gara garaa kennu. Ahmed (2010:09) qorannoo isaairratti hayyoota Leach(1949) fi Boswell(1962) jedhaman wabeeffachuun akkanatti hike,"Folklore is general term referring to unsophisticated and unscientific society. Popular and traditional knowledge that accumulated over many years by what people have experienced. Learned and practiced including their hand crafts, customs, belives, traditions, tale's magical practices, proverbs, songs, etc".Kana jechuun, fooklooriin qabiyyee baay'ee bal'aa hawaasni hin baratin beekumsa, aadaa, muuxannoo waggoota dheeraa keessatti waliif dabarsaa dhufedha.Isaan kanneenis barsiifata, duudhaa, safuu, himamsa afaanii,mammaaksotaa fi sirboota gara garaa.fa'a dha,

Gama biraatiin Ahemed deddoo hayyuu Dorsan (1972) wabeeffachuun foklloorii yoo hiika laatuu.iddoo afuritti qoodaAfoola(verbal art or oralliterature) meeshaalee aadaa .doowiifi duudhaa hawaasaa fa'a ta'uu ibsee jira. kana malees afoolli hojii kalaqa sammuu hawaasa tokkoo ta'e aadaa. Duudhaa .seenaa eenyummaa. Muuxannoo, muuxannoo jiruufi jireenya hawaasa tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu yoo ta'u, akaakuuwwan adda addaa hedduu kan ofkeessaa qabu dha. Afoolli waan tokko miidhagsanii, jechoota filatamoo ta'aniin waa qindeessanii akka sammuu namaa keessatti fakkii uumuu danda'utti qindeessanii afaaniin waa dabarsuu dha.Sossobni(urursi) daa'imaas gosa afoolaa keessaa tokko dha. Afoollii hojii kalaqa sammuu uummataa yookiin hawaasa tokkoo ta'ee firii sammuu namaa kan dandeettii sammuu (imagination) ilma namaa keessatti mul'atu dha.

Tafarii Ayyaanaa (2004) kun kan agarsiisuu afoolli dandeettii sammuudhaan waa uumuu ilma namaa ta'ee muuxannoo isaa barreeffamaan osoo hin taane afaanumaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa deemuudha. Uumaafi uumama naannoo isaa ilaaluun, muuxannoo jireenyaafi beekums\ qabutti gargaaramuun miira isaa dhaggeeffachuudhaan gadda, gammachuu, jaalala, jibba, aadaa, duudhaa isaa,amantaa, quuqaa keesa issaa jechoota mimmiidhagoodhaan uummanni afaaniin dhaloota boruuf dabarsuu dha. Jornaalli, jornal of folklore Reserch Vo11.33, No-3 jedhu irratti mata-duree The Definition of Folklore jedhu irratti hiikkaa fookloorii akkanatti ibsee jira;.

Folklore comprises traditional creations of peoples primitive and civilized. These areachived byusing sounds and words in metric forom and prose. And include alsofolkbelieves, superstations, customs and performances, dances and plays more over folklore is not a science about a folk but the traditonal folk science and folk poetry.

Yaada kana irraa akka hubatamutti afoolli yookiin fooklooriin hojii kalaqa sammuu hawaasa tokkoo ta'ee, kalaqa duudhaa hawaasa baratee fi kan hin baratiniin uumameee bifa miira qabuufi ofitti nama harkisuun dhimma itti baahamu dha.Kunis sochii qaamaa, shubbisa, duudhaafi amantaa fa'a kan of keessatti hammatu dha. Kanamalees Addunyaa (2014:166) irratti maalummaa afoolaa akkanatti ibse.

> Afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuu dha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsa naatoofi baranee ittiin hubatufi ibsu jechuunis ni danda'ama. Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhatee miidhagina uffisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, aadaa, seenaa sadarkaa guddina hawaasichi irra jiruufi irra ture kan mul'isudha.Akkayaada barreeffama kanaatti afoolli ogummaa dhalli namaa uumama afaanii ittiin dabarfatu dha

## 2. 2.3 Faayidaa Afoolaa

Afoolli faayidaalee gurguddaa qaba.Faayidaaleen afoolaa kanneenis kallattii gara garaatiin ibsamu. Isaan keessaa muraasni isaani, Hinseenee (2016:3) faayidaa afoolaa yoo ibsuu, "Afoolli ijoolleef barumsa beekumsa afaaniif faayidaa guddaa qaba. Fakkeenyaaf; naannoo barsiisaa, dandeettii waa qabachuu ni guddisa, seeraafi miidhagina afaanii ni barsiisa". Kana irraa kan hubatamu, ijoolleen dandeettii gara garaa akka horatan, dandeettiin waa yaaduu sammuu isaanii akka bal'atu yookiin akka gabbifataniifi naannoo isaanii hubatanii akka guddatan kan godhu kana jechuu dha. Kanumaan walqabatee,Misgaanaa (2013) afoolli dhimmootaafi barbaachisummaa yeroo bara ammaa tajaajilu kan akka bashannansiisuu, safuufiakka waliigalaatti hawaasa gara galma barbaadamuutti qaruun kan tajaajiluu dha

.Misgaanuu (2013)Hawaasni tokko afoola aadaa isaa, duudhaa isaa, ilaalcha isaa, diinagdee isaa ittiin wal barsiisuun kan dhimma itti bahuu dha. Dabalataan afoolli xiinsammuufi fedhii jibbaafi jaalala ciminaafi dandeettii uummata Oromoo ibsuuf gahee olaanaa akka qabu yaada oliirraa

hubachuun nidanda’ama. Kana malees, Addunyaan (2014:166) faayidaa afoolaa yooibsu, hawaasni bakkaafi yeroo adda addaatti dhimma adda addaatiif afoolatti gargaaramee ergaa isaa dabarfataa ture. Dabarfachaas jira. .

Afoolli isaa kunis seetoo isaa waan ta’eef isaan gorfata, semmoo diinagdee aadaafi eenyummaa isaa waanta’eef isa ilaalee quufa. naatoon of jajjabeessee har’uumeetti qabu qaba, daawwitii jireenya isaa waanta’eefis kaleessa mil’atee har’a jiraata, har’a jiniinnatee boriifis suuqqata, jireenya ta’u isa kanaafuu dubbatamee hin dhumu.yaada kanarraas akka waliigalaatti kan hubatamu jiruufii jireenyi uummataa afoola isaa keessatti ibsama. Kuusaa guddaafi qabeenya guddaa hawaasni kallattii garagaraatiin keessatti ofilaaluu, of ibsuu ta’uunsaa kan hubatamuu dha.

Beekaan Gulummaa toora Interneetii http;\\WWW.xaiayaa.com/Walaloo-fi-afolaa-0romoo-Beekangulummaa jedhu irratti akkas jechuun ibsa:

> Faayidaalee afoolaa saba tokkoo gabaabsuudhaan ibsuun salphaa hin ta’u. Akkuma gosonni afoolaa hedduun jiran, faayidaaleen isaanis hedduu dha.jechuunis tokkoon tokkoon gosti afoolaa faayidaalee ofii qabu.Kanaafuu faayidaalee afoolaa kanneen jedhaman afoola maraaf ta’uu. Kana jechuun, waa’ee afoolaa yaadolee bu’uura ta’an gabbisuuf ni gargaara jechuuf malee gosoonni afoolaa adda adda dha.

Qabxii kana ka’umsa godhachuudhaan faayidaaleen afoolaa dimshaashumatti ibsuu, cimsufi dabarsuu, miliqsuu, barsiisuufi too’achuu fa’aadha. Yaada barreessaa kanaa irraa hubachuun akka danda’amutti afoolli hawaasa isa uumee itti fayyadamu keessatti gahee olaanaa kan qabuufi jiruufjireenyaa hawaasa hundaa keessatti gahee kan taphatu dha. Keessumattuu afoolli daa’imman barsiisuu dandeettii afaanii gabbisuufi dandeettii waa yaadu isaanii akka gabbatu gochuu, safuu barsiisuu, rakkolee hawaasummaa garagaraa keessatti nama mudachuu danda’an jalaa bahuuf, waan hawaasa keessa jiraatu hedduu afoola fayyadamuun kan furamudha.

## 2.2.4 Amaloota Afoolaa

Afoolli ogummaa barreeffamaa irraa amaloota adda taasisan qaba.Isaanis hurrubummaa, lufummaa,uummatummaa, hirmaannaa jamaa (qooda fudhattummaa) fi miidhagina dha.Amaloota afoolaa ilaalchise, (Finnegan 1977) “Afoolli ogummaa barreeffamaa irraa wantoonni adda taasisan hurruubummaa (performance), qooda fudhattummaa (audience), qabatamummaa (occasion), jijjiiramummaa (flexibility)fi kalaqummaa (creator) dha” jetti.

Amaloota afoolaa kanneen keessaa afoola walitti qabuufi qaacceessuudhaaf gahee olaanaa kan qabu hurrubummaa dha. Akka hayyootni adda addaa ibsanittis og-afaaniifi hurrubummaan kan gargar hin baane dha. Finnegan (1977) irratti "there is no mystery about the 1st and most basic characterstic of oral literature eventhough it constantly over looked in collection and analysis. This is the significance of the actual performance." Akka yaada kanaatti afoola walitti qabuufi qaacceessuudhaaf amalli bakka bu'ummaa hin qabne hurrubummaa dha.Haaluma walfakkaatuun, Okpawho (1992) irratti "qorannoo ogummaa Afrikaa keessatti wanti qalbii dhaggeeffatootaa ofitti harkisuufi akka hordofan taasisuu hurrubummaa dha." jedha. Misgaanuun (2011) "Hurrubummaan og-afaan akka lubbuu horatu isa taasisa.Hurrubummaan jira jechuun og-afaan jira jechuu dha" jedha.Namoonni garee adda addaa keessa jiran yookaan afoola garagaraa keessatti hurruubanis wal hin fakkaatan; namni weedduu daa'imaa weddisuu haala wal fakkaatuun hin hurubuu.

Kana ilaalchisuunis Okpawho (1992) irratti hurrubummaan namaa namatti umuriidhaan humnaan garaagarummaa ni qabaata.

### 2.2.5 Akaakuu Afoolaa

Afoolli uummata tokkoo akkuma faayidaa gara garaa qabu gosoota garagaraas of keessatti qaba. Afoolli bifa hololaa (seenessuu) fi bifa walalootiin jedhamuun kan qoodamu dha. Afoolli Oromoo bifa hololoon dhiyaatan kanneen akka oduu-durii, baacoo, mammaaksa, hiibboo, tapha ijoollee, sheekkoowwaniifi kanneen kana fakkaatani dha. Afoolawwan bifa walalootiin dhiyaatan keessaa geerarsa, urursa daa'immanii, mirrisa, faaruuloonii, weedduu cidhaafi kan kana fakkaatani dha. Kana malees afoolli akaakuu hedduu qabaachuu isaa beektonni garagaraa mirkaneessanii jiru. Hawaasni Afrikaa afoola mataa isaa ni qaba. Afoola kanneen keessaa tokko Af-walaloo dha.Akka hayyuun Dan Ben Amos (1975) hawaasni Afrikaa afwalaloo isaaniitiin aadaa isaani ibsatu, yaada isaanii karaa ifaafi dhokataa ta'een itti ibsatu. Akka hawaasa Oromoottis afwalalaloo jechuun hawaasa dubbisuufi barreessuu hin dandeenye afaaniin qindeeffamee kan daddarbuu dha. Afwalaloowwan kanneen keessaa afwalaloon urursa daa'immanii isa tokkoo. Waa'een urursa daa'immanii maalummaa, qabiyyefi faayidaan isaas haala armaan gadii kanaan ragaan deeggaramuun kan armaan gadii kana fakkaata.

### 2.2.6 Maalummaa Afwalaloo

Afoolli karaalee gara garaatiin dhiyaata.Karaaleen afoolli ittiin dhiyaatu keessaa tokko bifa afwalalooti. Kunis miira dhaggeeffattootaa haala salphaa ta’een Kan tuquufi kakaasuu danda’u; akkasumas aadaa, seenaa, amantaa, falaasama hawaasaa haala hawwataa ta’een ibsuu kandanda’u dha. Kanumaan walqabatee hayyoonni gara garaa maalummaa afwalaloo ilaalchisee yaada baay’ee bal’aafi walxaxaa ta’e lafa kaayu. Finnegen (1976:18-19) irratti akka eertetti afwalaloon yaada baay’ee walxaxaa qabatee waan jiruuf haala salphaan ibsanii darbuun kan hin danda’amneefi hedduu rakkisaa ta’uuisaa ibsitee jirti. Akkasumas afwalaloon yeroo irraa walaba ta’e eimmoo dhimma yeroo wajjin wal qabatee osoo hin ta’in yeroo kamiyyuu faarfamuufi weeddifamuu kan danda’u ta’uu isaa ibsitee jirti. Kana jalatti afwalaloon baay’ee beekaman weedduuwwan gara garaati. Yaada kana irra kan hubachuun danda’amu af-walaloon yeroodhaan kan hin daangeeffamneefi yeroo barbaadame kamiyyuu keessatti ammoo kan fayyadu ta’uu isaati.

Kana malees afwalaloon yaadaawwan bilchaatoofi falaasamoota gara garaan kan guutame dha. Innis namoota hawaasa keessatti muuxannoo gahaa qabaniifi beekumsa gahaa qaban biratti hedduumminaan kan mul’atu dha. Afwalaloon yeroo baay’ee bifa muuziqaa qabaatee bareedina mataasaa gonfachuun haala duraa duuba isaa eeggateen kan dhiyaatu dha. Kunis karaa salphaa ta’een gurra namaa seenuuf, miira kakaasuuf, akkasumas tuquuf dandeettii guddaa qabachuu wanta isa dandeessisu amala muuziqaa kana of keessatti qabaachuu isaati.Premingun (1993:865) akka ibsuutti umuriin afwalaloo umurii kalaqaafi hurrubummaansaa yeroo jalqabaaf namni walitti dhufee ittiin walbohaarsuuf dhimma itti bahuun kandanda’amu afwalaloon kalaqa sammuu ilma namaa umurii dheeraa qabuufi namoonni yeroo duriitii jalqabanii ittiin wal bashanansiisuu.

Afwalaloo gargaaramuun ergaafi miira keessa isaani jiru ittiin waliif ibsuuf kan ittiin gargaaramani dha. Dabalataanis afwalaloon duudhaa hawaasaa kan ofkeessatti qabu irra caalaa hawaasa hin baranneen kan kalaqamu akka ta’e ibsa. Kana jechuun afwalaloon irra caalaa yeroo durii namoota barreessuu hin eegaliniin kan uumameefi duudhaan uummatichaa kan keessatti mul’atu akka ta’e yaada barreessaa kanaa irraa hubachuun ni danda’ama. Afwalaloon Oromoo hedduumminaan akka galaanaatti uummaticha keessatti dhangala’ee kan argamuufi akaakuuwwan garagaraatti kan qoodamudha. Afwalaloon kunis hawaasa keessatti yemmuu dhiyaatu bifa qindoomina qabuun aadaa, seenaa, duudhaa jiruufi jireenya hawaasaa calaqqisiisuuf gadifageenyaan ibsuuf kanneen akka sirba gadaa, faaruuwwan daa’immanii yookiin urursa

daa’immaniifi geerarsa maqaa dhahuun ni danda’ama. Kana malees, waayee afwalaloo ilaalchisee Misgaanuun (2013:10) haala armaan gadiitiin kaaya.

> Afwalaloon kan uummanni Oromoo guyyaa dhaloota isaatii eegalee hanga lubbuun isaa addunyaarra jirutti haala yookiin akkaataa uummata isaa wajjin ittiin jiraatan yeroo gaddaaf gammachuu akkaataa ittiin dabarsu safuufi kabajauummata isaaf qabu ofii isaa akkaataa naamusaan qabu dhibbaa dinni isa irrattis ta’e ummata isaa irratti raawwatamu akkaataa itti facciseefi kanneen biro afwalaloo isaatiin ibsata.

Yaada barreessaa kanarraa kan hubatamu afwalaloon Oromoo kallattiin jiruufi jireenya isaatiin kan wal qabatuufi dhalatee hanga du’aatti gargarbahuu kan hin dandeenye ta’uu nama hubachiisa. Afwalaloon uummata Oromoo akkuma afwalaloo biroo dhalootairraa dhalootaatti kan daddarbu afaaniin ta’uun  isaa beekamaadha. Yommuu daddarbu kanas kan yeedalloo qabu yeedalloo isaa wajjin kan daddarbu yommuuta’u kanneen yeedalloo hinqabne immoo akkuma jirutti kan daddarbudha. Keessattuu afwalaloon Oromoo amala adda  isa taasisu keessaa, yeedalloo isaanii waliin daddarbuu kan danda’an geerarsa, faaruu daa’immanii, faaruu ateetee, sirboota yeroo daboofi cidhaa taasifaman yommuu  ta’an, kanneen yeedalloon isaa ifaa ifatti bahee hin mul’anneefi dhalootaa dhalootatti hin daddabarre kanneen akka mammaaksaa, durdurii, hibboowwan,taphoota garagaraa, sheekkoowwaniifi kanneen biroo fa’aa dha.

## 2.2.7 Faayidaa Afwalaloo

Afwalaloon hawaasaaf faayidaa hedduu qaba faayida afwalaloo ilaalchise hayyonni hedduun yaada gara garaa kennani jiru.Waabe (2002:89) yoo ibsu “miira namonni keessa jiran ibsa; nibashanansiisa, miidhagina agarsiisa hariiroo cimsa” jedha.

Akkasumas, Merria (1969:193) “Afwalaloon beekumsa hawaasaa ibsuuf, miira namaa kakaasuuf ni gargaara” jetti.Kanamalee, Misgaanuu (212:45) “Afwalaloon walaloo afaaniin dhaloota irraa gara dhalootaatti darbu faayidaa guddaa akka daawwitii sabni tokko ofii isaa ilaalu ta’uu isaafi waa’ee  uummata  darbanii  uummata haaraatti kan ifa godhu kalaqa hawaasaati.” jechuun ibsa.

Walumaagalatti, yaadota armaan olii irraa hubachuun akka danda’amutti, afwalaloon irra gara yaada keessoo namaatti dhagaahamu kan akka gammachuufi gaddaa, jaalalaafi jibbaa, komiifi galataafi kan kana fakkaatanittiin ibsuufi muuxannoo hawaasni hojii hojjatu irratti qabu ittiin

waljijjiruuf, walirraa barachuuf, haamilee waliicimsuufi wal jajjabeessuuf kan itti gargaaramu ta'uu nama hubachiisa.

## Maalummaa Uurursa Daa'immanii

1. Sossobni daa'immanii akkaataa hawaasni haala adda addaatiin daa'immaniif kunuunsa taasisuu dha. Kunis hawaasichi jaalala daa'immaniif qabu irraa kan ka'e akkaataa gara garaatiin faaruulee yookiin afoolawwan gara garaa fayyadamuun daa'ima faarsu yookiin akka hin boonyeefi hin dhiphanne taasisani dha. Kanumaan walqabsiisee Aadam (2001:7) irratti waa'ee urursa daa'immanii akka itti aanutti ibsa, "Uummanni Oromoo jaalala daa'ima isaatiif qabu gaafuma daa'imti garaa haadhaatii baate irraa kaasuun ibsuu jalqabu ni ililfatan, jaarsi buleessi yookiin  jaartiin buleettiin arrii of irraa buqqise(buqqiste) daa'ima sanarra kaaya(keechi).Kunis daa'ima dhalattu sanaaf umurii dheeraa hawwuu agarsiisa.Yaada hayyu kana irraa akka hubataamutti sossobnidaa'immani garagaraa hawaasinihi daa'ima isaatiif kallattii adda addaatiin calaqqisiisaan kan ofkessatti hammatuudha.

   Kana malees faaruun yookiin weedduun daa'immanii, daa'imman akka afaan hiikkataniif yookiin akka afaan dhalootaa isaanii baratan taasisuuf gumaacha guddaa qaba.Ruth Finegan (2012:292) maalummaa urursa daa'immanii haala kanaan ibsiti.

   "Lullabies provide agood example of the way in which what might be expected to be asimple. Naturaland expression of feeling inall society's amother singing toherchiid- is infact governed by convetion and affected by the particular constitution of the society". Barreeffama kanarraa akka hubatamutti urursi daa'immanii kan hayyootiin fedhii, hawwiifi jaalala daa'ima isaaniitiif qaban bifa weedduutiin ittiin ibsanii dha. Gama biraatiin handhuurraan kennaawwan biraa irraa adda.Kunis wal qixxummaa saalaa eeguu isaati. Daa'imni dhalate tokko dhiiras ta'e durbaaf handhurraan kennamu sa'a (raada) hoolaa, re'eefi kan kana fakkaatan ta'a. Gostii fi baay'inni handhuurraa kennamuu gonkuma saalarratti hin hundaa'u. Aadam (2001:20) Akka aadaa Oromootti handhuurraaf kan kennamu irra caalaan horiidha. Oromoon horii horsiisuufi hojii qonnaatiin hedduu beekama; ittiin jiraatas. Kanaaf daa'ima isaatiif horii yookiin lafaafi  kan kanafakkaatan kennuuf.

Aadam (2001:22) Haa ta'uu malee yeroodhaa gara yerootti aadaan handhuurraa kun, dagatamaa dhufeera kanaaf sababoota adda addaa kaasuun kan danda'amu yoo ta'eyyuu, bu'uurarraa

sababoota kana adda baasuuf hawaasni Oromoo aadaa handhuurraa kana kunuunsee dhaloota dhufuuf akka darbu gochuuf qorannoo barbaada; ijoolleen qabeenya hunda caaluu dha.Uummanni Oromoo namni ijoollee qabu waa hunda qaba jedhanii amanu. Jaalalli, gammachuun, kolfi, taphni mana maati jira; kanaaf uummanni Oromoo “mukadamee hin qabne jala hin dhaabbatani nama ilmoo hin qabne mala hingaafatan” jedhee mammaaka. Kana jechuun namni dhala hin qabne gadda, gammachuu, jaalala, kolfaafi tapha, dhiphinaafi yaaddoo walumaagalatti rakkoofi baldhina jireenya maatii keessa jiru waan isa hin quunnamneef muuxannoo jireenyaa baay’ee akka hin qabne agarsiisuuf akkas jedhee mammaake. Aadam (2001:03) kana malees urursa daa’immanii ilaalchisee toorri Interneetii http ;//oromiatimes files word press.com irratti yommuu ibsu;

> Uruursi daa’immanii akaakuu afwalaloo gurra daa’imaa qirqirsuun dhiyaata. Yeroo baay’ee daa’imman qananeessuufi gaarumma isaanii ibsuuf akkasumas daa’imti yoo booche akka caldhisee rafuuf bifa marartee qabuun dugdatti baachuun socho’anii faarsu daa’immanis ergaa afwalalichaa dhaga’uu baatanis ergaa yaada kanaan boo’anii caldisu; rafaniis yaada harmee obsu . Urursi daa’immanii haadha duraa ilmoo sana angaattuufi namoota biroon dhiyaachuu danda’a..

Yaada armaan olii kana irraa akka hubachuun dandaa’amutti sossobni daa’immanii akkaataa uummanni Oromoo daa’imman isaa afoola isaatti gargaaramuun daa’imman isaa kunuunsaa, bashannansiisaa, dhiphina malee daa’imman bashanansiisaa itti guddisu dha. Adeemsa akkanaa keessatti daa’imman akkuma waan isaan afwalaloo sana kallattiin beekanitti faarsuudhaan yommuu nyaata nyaachuuf beela’inis akka haadhaafi qaama guddisuu sana hin dhiphisnetti oliifi gadi socho’uun dugdatti baatanii daa’imman urursanii dha.Gama birootiin Beekaan (204:43) maalummaa urursa daa’immanii yommuu ibsu.

> Haati Sirna gadaa keessatti daa’imman umuriin isaanii waggaa saddeetii gadi kan ta’e yoo ta’uu isaanis abbaa Bokkuu yookiin luba bira geessanii eebbisiisu, maqaa moggaasisu. Kana booda mucaan kun akka inni qananiidhaan guddatu dirqama isaani yoo ta’eyyuu keessattuu haadholiin dugdatti baatani laphee isaani irratti qabuun ijoollummaan waan sammuu isaanii keessaa hin baaneenfaarsu; akka hin boonye ittiinsossobu.

Yaada barreessaa kanaa irraa akka hubatamutti urursi daa’immanii kan haati daa’ima ofii walaloo miidhagaa sammuu daa’imaa keessaa haala baduu hindandeenyeen akka daa’imni hin boonye

ittiin sossobdu dha.Kunisdaa'ima umuriin isaa waggaa saddeetii gadi ta'e tokko dugdatti yookiin lapheetti qabachuun gammachiisaa daa'imman jaalala haadhummaa calaqqisiisaa daa'ima faarsitudha.

## 2 .2.9 Qabiyyee Uruursa Daa'immani

Qabiyyeen uruursa daa'immanii baay'ee bal'aafi kallattii hedduukan  qabu dha. Kunis hawaasa Oromoo birattidaa'imni waan kamiyyuu olitti kan ilaalamu ta'ee kunuusi olaanaan kantaasifamuufi dha.

Keessumattuu yommuu daa'imaaf kunuunsa taasisan afwalaloowwan garagaraa kanneen akka mammaaksa, afwalaloo, urursaafi oduu durii fa'a gargaaramuun daa'imman kan faarsani dha.Aadam (2001:03) keessummattuu hawaasa kana biratti daa'imni qabeenya guddaa dha. Kanumarraa ka'.uun namni tokko lafa kana irratti dhalatee hanga fedhe jiraatee yoo du'e ilmoo yoo hin qabaatin akka waan hin dhalanneetti ilaalama

Walumaagalatti qabiyyeenurursa daa'immanii afaan barsiisuu, bashannansiisuu, gorsuu, akeekkachiisuu, komii ibsachuu, safuufii duudhaa qabsiisuu, rakkoo hawaasummaa ibsachuu, jaalala daa'imaa ibsachuu, waaqa galateeffachuufi daa'imni yookiin ilmoon dhalatte yookiin dhalate tokko qabeenya kamiinuu kan hin madaalamneefi abdii maatii ta'u kan ofkeessatti hammatuu dha.

## 2.2.10 Barbaachisummaa IjoolleeUummataOromoo Biratti

Uummanni Oromoo ijoolleef iddoo guddaa kenna.Ijoollee qabaachuun uummata Oromoo birattiakka waa hunda qabaachuutti ilaalama. Namnii joollee qabu nigammada, nikabajamas. Kabajaafigammachuuisaakana irraa kan ka'e ijoollee ofiitiifkabajaafijaalala guddaaqaba.Ulfinaafi jaalala ijoolleef qabu kanas mammaaksaan, walaloon, qabeenya kennuufi kan kana fakkaataniin ibsata. Aadam (200:13)kana jechuun hawaasni Oromoo qabeenyalafa kana irratti horatee ittiin jiraatu hundacaalaa daa'immaniif iddoo olaanaa laata.Sababiin isaa ijoolleen qabeenya kamiinuu madaalamuufi bakka bu'uukan hin dandeenyedha. Kan namni addunyaa kana irratti dhalatee addunyaa kana irratti horee dagaagee sanyii ofii lafa irratti babal'isuun qabeenya olaanaa ta'uu kan ibsuu dha.

## 2.2.11. Faayidaa Weedduu Uruursa Daa’immanii

Sossobni yookiin urursi weedduu daa’immanii akkaataa hawaasni Oromoo daa’imman ofiitiif kunuunsa itti taasisuu dha.Kunis yommuu daa’imman isaanii hojii garagaraa akka isaan hin dhoorkine weedduu adda addaa itti weeddisu. Akkasumas daa’imman adeemsa keessa akka afaan hiikkattuuf haala gaariin akka guddattuuf kan haati kunuunsa daa’imaaf jecha raawwattu dha. Kunis daa’imman yoo booyan urursanii callisiisuuf gargaara.Sossobanii raffisuuf gargaara.

Faayidaan urursaa kana qofa miti; akka waliigalaatti urursi faayidaa hedduu qaba.

- Guddina afoolaa keessatti gahee olaanaa qaba.
- Afaan Oromoon akka guddatu jechoota hedduu akka horatuuf qooda qaba.
- Sammuu daa’immanii ni qara, bohaarsaa bashannansiisaa booyicha akka dhiisaniifi akka callisaniif gargaara.
- Afaan barsiisuuf faayida ol’aanaa qaba

### 2.2.11.1 Gama Guddina Afoolaatiin

Afoolli qabeenya uummataa afaaniin dhalootaa dhalootaatti darbu dha. Yoo hawaasa keessatti bal’inaan cimee hawaasichaan dhimma itti bahamaa kunuunfame malee yoo barreeffamee taa’e ni dagatama, dagatamuu bira darbee sadarkaa baduurra gahuu mala. Urursi daa’immanii hawaasa keessa kan jiru bakka jirutti yeroo yeroon yoo itti fayyadaman guddina afoolaa keessatti gahee guddaa taphata. Akkasumas afoolaa keessatti gahee guddaa taphata.Afaannis akka guddatu taasisa.Kana malees, akka hayyoonni xinqooqaafi ogbarruu garagaraa kanneen akka Melakneh (2004:43) ibsutti walaloon urursa daa’immanii faayidaa adda addaa qaba. Kunis daa’imman osoo afaan dhalootaa isaanii hin hiikkatin dura sagalee laafaafi miidhagaa guddistoota yookaan haadholii isaani irraa kan argatan yoo ta’e duudhaa hawaasa keessa jiraatanii sanaa haalaan jabeeffachaa deemuu.

### 2.2.11.2 Gama Xiin-Sammuu Daa’immaniitiin

Sossobni yookiin uruursi akaakuu afoolaa bifa walalootiin dhiyaatan keessaa tokko yoo ta’u, guddinna sammuu daa’immanii keessatti faayidaa olaanaa qaba.Sammuu daa’immanii qaruu, aadaa, duudhaa, seenaa hawaasa isaani akka baraa guddatan taasisa.Kana jechuu daa’imman yommuu afwalaloo kana bifa miidhagina qabuun weeddisuun maqaa waamuun kallattiimaan

akka waan daa'imti afaan dubbachuu beektuutti yommuu sossoban (ururrsan) sammuun isaani nigammada, miirri isaanii fedhii horata, dandeettiin afaan barachuu isaanis si'aayinaan dabalaa deema. Keessumaa immoo daa'imman jaalala haadhaa yookiin maatii haalaan akka gabbifatanii guddatan gargaaru keessatti afwalaloon ururrsa daa'immanii shoora olaanaa taphata.

### 2.2.11.3 Faayidaa Weedduun Daa'immanii Haadholiif Qabu

Haadholiin weedduu sossoba daa'immanii keessatti wanta miira isaaniitti dhagaahame karaa adda addaa ibsachuu nidanda'u. Haadholiin yeroo daa'imaaf weeddisan wanta miira isaaniitti dhagaahame, fedhii keessa isaanii jiru weedduudhaan baafatanii ibsatu. Kunis daa'ima isaanii yoo ururrsan jaalala daa'ima isaaniitiif qaban, komii maatii irraa qaban, qabeenya warra isaaniifi jaalala firoonni isaanii daa'imaaf qaban sossoba kana keessatti ibsatu. Faayidaa ilmoon qabdu haati deesse yeroo kallattii garagaraatiin ibsitu ni mul'ata. Bu'aa yookiin faayidaa daa'immanii karaa ittiin ibsatan keessaa ururrsi daa'immanii isa tokko dha. (Bakkalcha oromiyaa, 2008) kanumaan kan walfakkaatu Misgaanuu (2011) akka ibsetti weedduun sossoba daa'immanii gosoota weedduu keessaa tokko ta'ee, kan haadholiin meeshaa muuziqaa malee sagaleedhuma ofiitiin miira ofii ibsachaa daa'imman sossobuuf kan itti oolaniidha. Dabalataanis Adam (2001) weedduun daa'immanii daa'imman gammachiisuu qofa osoo hin taane haadholiin dhaamsa adda addaa kan ittiin dabarfatanidha.

### 2.2.11.4 Yoomeessa Weedduu Daa'immanii

Weedduun sossoba daa'immanii yoomeessa adda addaa keessatti weeddifama.Akka Abdulkadir (2011) ibsetti "lullabies are often sung swinging the baby in the lap or in the crib, either to putthe baby of three monthes to three or four gears to sleep or to pacityit or to stop its crying". Akka yaada kanaatti weedduun daa'immanii yeroo baay'ee kan itti weeddifamu daa'imman sarbaa yookiin gudeeda irraatti hammatanii asii fi achi sochoosuun yookiin bakkuma ciibsanittidha. Kan weeddifamuufis daa'imman umuriin isaanii ji'a sadii hanga ji'a afurii irraa hangda waggaa sadii yookiin waggaa afuriitti. Weedduun kunis kan weeddifamu daa'imman raffisuuf, akka hin boonyeef yookiin akka cal'isanii tasgabbiin taphataniifi.

## 2.2 Sakatta’a Qorannoowwan Aantee

Mata-duree qorannoo kanaatiin kan walitti dhiyeenya qaban qorannoo digrii lammaffaafi sadaffaa (phd) kan kanaan dura hojjataman dhiyaatanii jiru.

### 2.2.1 Qorannoo Digrii Lammaffaa

Abiyoot Adinoo (2016) Qaacceessa Raawwii Faaruu Daa’immanii jedhu kan qaacceesse yoo ta’u, qorannoon kun yommuu daa’ima urursan akkaataa daa’ima itti qabaniifi akkaataa haadholiin socho’uun daa’ima itti urursan haala raawwii isaa yoo ibsuu walitti dhufeenya qorannoon kanaafi qoranoonkoo qorannoowwan lamaanu urursa daa’immani irratti kan xiyyeeffatan yoo ta’u,garaagarummaan isaanii immoo qoranoon sun haala raawwii urursa daa’immani yoo ta’u qorannoon kun immoo qaacceessa urursa daa’immani kan jedhu yoo ta’uu kaayyoon isaaniifi iddoon xiyyeeffannoo isaanii illee garagara. .kanaaf qoranoon kun qorannoo sana irratti wanti inni dabalu,qabiyyee urursadaa’immani,gosoota urursa daa’immanii, yoomeessa urursa daa’immaniifi faayidaa urursadaa’immaniii ofkeessatti qabata.

### 2.2.2 Qorannoo Digrii Sadaffaa (PhD)

Dr.Dame Abera (2014) Qorannoo mata dureen isaa “Childrearing among Arsi Region” jedhu gaggeesse irratti Senaa and Begun (2008) wabeeffachuun maatiin yommuu ijoollee kunuunsan aadaa, duudhaa, amantaa, barmaatiileefi amala isaanii gara dhaloota isaaniitti dabarsu. Walumaagalatti maatiiwwan addunyaa keessatti argaman marti daa’ima (ijoollee) isaanii kunuunsuu irratti isaan jalqabaati.nyaachisuun, akkaataa mana boolii itti fayyadaman leenjisuun, naamusa barsiisuun ijoollee isaanii guddisu. Ijoolleen isaanii aadaa beekuufi ibsuu irratti dorgomtoota akka taa’aniifi sammuun isaanii akka bilchaatu, hawaasa keessatti fudhatama akka qabaatan taasisuuf gahee guddaa kan taphatan maati akka ta’e ibsanii jiru.walitti dhufeenyi qoranoon kunifi qorannoon koo qabu lamaanuu kunuunsa daa’immanii irratti yoo xiyyeeffatan,garaagarummaan isaanii qoranoon sun maatiin adduyaa irratti argaman ijollee isaanii kununsuu iraatti isaan jalqabaa akka ta’aan yoo ibsuu qorannoon koo immoo qaacceessa uruursa daa’immanii kan jedhuirratti kan xiyyeeffate dha.

# BOQONNAA SADII

# MALLEN QORANICHA

## 3.1. Saxaxa Qoranichaa

Qorannoon mata duree Qaacceessa Sossoba Daa'immanii Godina ArsiiAanaa Hexxosaa jedhu irratti gaggeeffame kun gosa qorannoo akkamtaa(qualitative research) dha. Sababiin isaa Addunyaa(2011:11) yommuu ibsu "qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan maalif? Akkamitti?jedhaniif deebisuuf carraaqa.Akaakuuwwan qorannoo kanaa dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan jechaan ibsu" jechuun kaa'a. Kanaafuu, qorattuun qorannoo ishii keessatti ragaa walitti qabatte jechootaan ibsuuf waan barbaadduuf mala kana filatte.Haaluma kanaan qorannicha keessatti afwalaloowwan iddattoota irraa walitti qabaman jechaan gadifageenyaan ibsamu addeessanii ibsuu keessatti murteessaan afaan qorannootti fayyadamanii sirriitti ibsuu danda'uu dha. Ibsi sun akka asoosamaa osoo hin taane dhugaa jiru sana ragaadhaan deeggaranii akka dubbistootaaf ifa ta'utti dhiyeessuu dha.Dastaan(2013:143) qorannoo akkamtaa(qualitative research) dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa.

. Dabalataan qorannoo akkamtaa ibsuurratti qorataan waan daawwate ibsu qaba.Akka qorannoo hamamtaa ragaan lakkoofsaan hin ibsamu.Kanaafuu mirkaneeffachuuf malli dubbisaan fayyadamu ibsa qorataati.Akka waliigalaatti sababiin qorattuun mala akkamtaa kana fayyadamtee qorannicha gaggesiteef odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan mala kanaan gargaaramuun yoo adeemsifaman milkaa'ina qorannichaaf bu'aa qaba jettee waan itti amanteefi dha.Kana malees, qorannoo tokko gadi fageenyaan ibsuuf mijataa waan ta'eefidha. Mala qorannoo akkamtaaf meeshaaleen odeeffannoo fanaanuuf garagaaran kanneen akka afgaaffii, marii garee, daawwannaa,xiinxala dookmantiifi kan kana fakkatanii dha. Isaan kanniin keessaa qorattuun qorannoo kana gaggeessuuf kan fayyadamte afgaaffii, marii gareetiifi daawwannaadha. Sababiin qorattuun malleen kana fayyadamtuuf, qabiyyeewwan urursa daa'immaniitiin wal qabatee namoota odeeffannoo fi beekumsa gahaa urursa daa'immanii irratti qaban fuulaa fuulatti argachuun af- gaaffii taasisuun odeeffannoo sassaabbachuu fi yommuu isaan daa'imman urursan akkaataafi qabiyyeewwan urursa daa'immanii kana itti gargaaraman hubachuuf akkasumas faayidafi yoomeessa urursa daa'immanii keessatti ururfamu bifa marii gareetiin kan dhimma itti bahe dha.

### 3.2. Iddattoo Qoranicha

Iddatoonni qoranno kanaa dubartoota Godina Arsii aanaa Hexxosaa waayee af walaloo uruursa daa'immani irratti hubannoo gadi fageenyaan qabu jedhaman dubrtoota kudhn kan fudhatte ta'a

## 3.3. Mala Iddatteessuu

Iddattoowwan kanneen filachuuf qorattuun mala iddatteessuu miti-carraa (non-probability sampling) jedhamu keessaa mala iddattoo kaayyoo(purposive sampling)fi mala iddatteessuu darbaa dabarsaa (snow ball) fayyadamuuf filattee jirti. Sababiin qorattuun mala iddatteessuu kanaan gargaaramteefis, od-kennitoota mata-duree kana irratti odeeffannoogahaa kennuu danda'an kallattiin filachuudhaaf namoota odeeffannoo waa'ee urursadaa'immanii nibeeku jedhamanii hawaasa keessaa eeraman irraa odeeffannoo quubsaa argachuun milkaa'ina qorannichaaf shoora ol'aanaa qaba jettee waan ittiamanteefi dha. Kanamalees, qorattuun kun od-kennitoota kaayyeeffattee filattee kanneen waa'ee urursa daa'immanii ilaalchisee hubannoo fibeekumsa gahaa qaban akka eeraniif fedha isaanii erga gaafattee booda mala darbaa dabarsaa kanaan dhimma baate odeeffannoo quubsaa sassaabachuun qorannicha gaggeessitee jirti.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Malli odeeffannoon qorannoon tokko ittiin funaanamu mata-duree irratti hundaa'uun murtaa'a. Kana jechuun malli odeeffannoo qorannoo tokko funaanuuf nama gargaaru tokko haaluma barbaachisummaa isaatti akaakuu garagaraatti qoodamuu danda'a jechuudha. Haaluma kanaan qorattuun qaacceessa qabiyyee urursa daa'immanii aadaa hawaasa keessatti mul'atu bifa qulqullina qabuun argachuuf meeshaalee funaansa afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin dhimma baate jirti.Sababiin qorattuun tun meeshaalee kanneen fayyadamteef qorannoo akkamtaa keessatti malleen bu'uuraafi gaaffilee akkamitti? Maaliif?Yoom?Eessatti? Jedhaman kaasuun qorattuun yaada ishiif hin galles kallattiin yookiin fuulaa fuulatti od-kennitoota gaafachuun mirkaneeffachuu waan dandessuufi dha.

### 3.4.1 Af-Gaaffii

Af-gaaffiin gosoota meeshaalee funaansa ragaa keessaa tokko yommuu ta'u, kunis kan qorattuu fi od-himaan kallattiin odeeffannoo wal irraa fudhatani dha. Yaaduma kana David.E (2004:213)

yemmuu addeessuu,“An iterview is a conversation between people in which one person has the role for researcher.

The interviewer has to pose question (either structured,Semi structured of unstructured format) listen for esponses and pose new question”.Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti af-gaaffiin waliin dubbii namni qorannoo gaggeessu tokko karaa caaseeffama gar-tokkeen caaseeffamaa fi miti caaseeffamaa namoota odeeffannoo kennaniif dhiyeessuudhaan deebii isaanii erga dhaggeeffattee booda itti fufuudhaan gaaffii biroo gaafachuun odeeffannoo funaannattu dha. Kana malees, akka Dastaa (2002:11) Bu’uura qorannoo irratti ibsetti af-gaaffiin gosoota ragaa qorannoo ittiin funaanan keessaa tokko ta’ee,qorataa fi od-kennitooti fuulleetti wal arganii waliif kennani dha.Akka yaada barreessaa kanaatti odeeffannoo af-gaaffiidhaan gochuun wanta gaarii taasisu keessaa inni ijoon qorataan gaaffii isaa ifa godhee akka ibsuufi odeef-kennaa gaafachuu danda’uu isaatii jedha. Haaluma kanaan qorattuunAanaa Hexxosaa gandoota baadiyyaa ganda habeecorree jedhamu irraa dubartoota afur Ganda Dayya’a irraa dubartoota sadii. Gandashoorimaa irraa dubartoota sadii walitti dubartoota kudhan waa’ee faaruu urursa daa’immani sirnaan beekan gaaffilee afgaaffitiif qophaan tokko tokkoon isaanii gaafachuun odeffannoo sassaabbattee qoranicha gaggesite jirti,

### 3.4.2. Marii Garee

Mariin garee kangaggeeffamu haala gaafiitiin garee namoota xiqqaa ta’aniin kan dhiyaatudha. Qorattuun tun qorannoo ishii keessatti mala kana kan fayyadamte gareedhaan namoonni marii akka irratti gaggeessaniifi dhimmicha irratti yaada isaanii akka waljijjiiran gochuudhaani. Haaluma kanaan qorattuun dubartoota kudhan gandoota filatamanittii gaafilee mariidhaaf qophaan irratti marii garee akka gaggeessan taasisuun yaada isaanii akka waljijjiiran bal’inaan akka mari’atan gochuudhaan odeeffannoo funaanattee jirti. Sababiin qorattuun mala kanaandhimma baateefis malli kun odeeffannoo namni tokko beeku kan biroo beekuu dhabuu waandanda’uifi.Yommuu odeeffannoo kennan wal yaadachiisaa, wal sirreessaa yaada bilchaataa kennuu danda’u jettee waan itti amanteefi. Ijoon dubbii marii gareetiis kaka’umsa hawaasni yeroo ammaa kana urursa fayyadamee daa’ima kunuunsuuf qabu maal fakkaata? Uruursi daa’immanii kun qabiyyeen (ergaan) isaa maali? fi faayidaa maalii qaba kan jedhu irratti.

### 3.4.3. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'eekan odeeffannoo jalqabaa qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabachuuf tajaajilu dha. Kunis bakka dhimmichi kallattiin itti raawwatamu dhaqanii sirriitti gadi fageenyaan kan hubatani dha. Kana jechuun qorataan dhimma qorannoo isaarratti adeemsisu sana qaamaan deeme ilaaluun, dhaggeeffachuun yookiin daawwachuun odeeffannoo kan funaannattu dha.

Qorattuun tunis qorannoo ishii kana adeemsisuuf yeroo namoonni faaruu urursa daa'immanii kana fayyadamuun daa'imman isaanii urursan qaamaan deemtee daawwachuun odeeffannoo dhugummaa qaban funaannachuun qorannoo ishii gaggeessitee jirti. Akkaataadhuma kanaan aanaa qorannoon irratti gaggeeffamu aanaa Hexxosaa gandoota sadii deeemuudhaan odkennitoota filatte haadholii fi maanguddoota daa'imman guddisan daawwachuun qorannicha gaggeessitee jirti. Kunis gaafaguyyaa 6/06/2012hanga 8/062012 namoota aanichaa keessaa mala iddattoo kaayyootti fayyadamtee filatte gargaaramuun yeroo daa'imman urursan kallattiin daawwachaa kan turte dha. Itti dabaluunis haadholii kana yommuu isaan haala garagaraatiin daa'imman urursan heeyyama yookiin fedhii isaanii gaafachuun suuraani saani kaafame fudhatamee jira.

## 3.5. Adeemsa Funaansa Odeeffannoo

Akkaataa adeemsa qorannoo tokkootti qorattuun qorannoo ishii adeemsisuuf bakka qorannoon irratti adeemsifamu deemuun iddattoota kaayyoo qorannichaa galmaan gahuu danda'u jedhamanii filataman dubbisuun guyyaa isaaniif mijaayetti walbeelamtee, guyyaa beellamaattis af-gaaffii qopheeffattee argamtee jirti. Odeeffannoo funaanuudhaan dura od-kennitoota ishii odeeffannoon isaan kennan lafee dugdaa qorannichaa ta'uu hubachisuun, afwalaloo bifa uumama eeggateen akka weeddisan yookiin daa'imman urursaniif ibsiteefii afgaaffii qopheeffatte dhiyeessuun heeyyama isaaniitiin odeeffannoo funaanuu calqabde. Iddattoonni wantoota jedhan afwalaloo fi haala miira yeedalloon akka jechuu danda'an jajjabeessuun odeeffannoo walitti qabachuuf yaaddee waraqaa irratti barreessuuniifi sochii isaan raawwatan kamiyyuu haala ifa ta'een daawwatte.Gaaffilee marii gareedhaaf qopheeffatte gareedhaaf dhiyeessuun cuunfaa yaada marii isaanii akkaatuma akaakuu gaaffilee mariitiin yaadannoo qabachuun yaada goolabaa qabattee jirti.

## 3.6 Mala Qaacceessa Ragaalee

Ragaalee maddeen odeeffannoo adda addarraa meeshaalee funaansa ragaalee garagaraatiin guuraman mala akkamtaatiin xiinxalamaniijiru. Malli akkamtaa kun immoo mala qulqulleeffataadha. Yaada kanaan walqabatee Girma (2014:37) yommuu ibsu, "Qualitative data analysis is avery personal process with few rigid rules and procedures" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti qorataan waan argate sana akka isaaf galetti ibsa. Haaluma kanaan ragaaleen af-gaaffii daawwannaa fi marii garee irraa argaman walitti dabaluudhaan ergaan yookiin qabiyyeen isaanii maal akka ta'e jechootaan ibsuudhaan ergaan isaanii bal'inaan kaa'ame jira.

Afwalaloowwan urursa daa'immaniitiin walqabatanii bifa adda addaatiin uummata keessa jiraachuun waa'ee daa'immanii ibsan kanneen erga adda baastee booda afwalaloowwan sana qabiyyee yookiin gosoota isaanii yoomeessaafi akaakuuwwan isaanii sirnaan xiinxaluun kan qaacceessite dha.

## 3.7 Naamusa Qorannichaa

Qorataan qorannoo gaggeessuuf kaayyoo tokko galmaan gahuudhaaf waan hojjechuuf kaayyeeffate milkeessuuf safuu yookaan sona hawaasichaa eeguuf amala gaarii qabaachuun barbaachisa adha. Kana malees, qorataan tokko odeeffannoo barbaade tokko haala gahumsa qabuun argachuuf qaama odeeffannoo irraa fudhatu sana fakkaatee qorachuu qaba. Kaayyoo qorannoo isaa erga ibseefiif booda heeyyama gaafachuun, odeeffannoo barbaadu erga fudhatee booda, namoota odeeffannoo kennaniif eebbaafi kabajaan galateeffachuun kan raawwatu dha.

## 3.8 Yaaxina Qorannoo Kana Keessatti Itti Fayyadamte

Yaaxina qorrannoo kanakeessatti qorattuun itti fayyadamte yaaxina faayidaa (tajaajila) functionalism jedhudha. Yaaxinni kun aadaan uummata keessatti faayidaan inni kennu maal akka ta'e, jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti ga'een inni taphatu, malli ittiin qoratamu yaaxina faayidaa jedhame beekama. Mala qorannoo kanaatti fayyadamuun adda durummaan kan beekamu Malinowski jedhama. Kana malees, ragoowwaniifi firiiwwan afoolaa kanneen jireenya uummataa keessatti faayidaa qaban gadi fageenyaan qorachuun kan beekamu William Bascom jedhamu. Yaaxinni kun aadaan uummata tokko keessatti faayidaan inni qabu, tajaajilli inni kennu maal akka ta'e qorachuuf barbaachiisa Fakkeenyaaf. Dhaabbilee Hawaasaa keessatti tajaajilli afoolli

kennu maal akka ta'e adda baasani hubachuufi qaacceessuun bu'aa isaa caalaa baruufi hojii irra oolchuuf akka nama gargaaru hordoftonni yaaxina faayidaa raagoo/afoolaa nihubachisu

.Kanuma wajjiin walsimatee barsiisaa'Bascom'kan ta'e 'FranzBoss' raagoowwan adda addaa walitti qabee qabiyyee isaanii qorachuun gosoota giddutti walitti hidhinsa aadaa maal akka ta'e qoracha ture. Barsiistonni akkaataa inni itti qorate hordofanitti dandettifi muuxannoo qorannoo isaanii cimsachaa akka turan ragaaleen niaddessuu. Barataan'FranzBoss'kan ta'e 'WilliamBascom'faayidaan akaakuuwwan afoolaa maal akka ta'an uumata keessa galee bu'aa qorannoo isaatiin agarsiiseera. Akka Bascomibsutti;

Akaakuwwan afoolaa guyya guyyaan uummanni jireenya isaa keessatti kan itti fayyadamu hojiwwan kalaqaa dhala namaati.

Akaakuuwwan Afoolaa niguddatu ni jijjiramu ni fooyya'u.

Akaakuwwan afoolaa aadaa uumataa wajiin walitti hiidhiinsa waan qabaniif ilaalchaafi falaasama isaa niaddeessuu

'Bascom'qabxiiwwan armaan olitti xuqaman madaallii yookiin ilaalcha keessa galchuun akaakuwwan afoolaa roga adda addaatiin qorata uumata keessatti tajaajila adda addaa akka kennan addessa.Qorataan kun akka ibsutti faayidaan firiiwwan fookloorii hubachuufi hiikkoo itti kennuun kan danda'amu haala dalaga isaanii irratti hundaa'eeti.Fakkenyaaf,akaakuuwwan afoolaa yeroo dhiyaatan meeshaaleen,ucuwwanifi faayawwan garagaraa niqindaa'u.Qindoomina kana irratti hundaa'eeti afoolli hubannoo argata.

Kanuma wajiin walsimatee qorattonni yaaxina faayidaa\tajaajilaa afoola hordoofanii raagoowwan adda addaa Afrikaarratti qorannoo taasisan faayidaa ol'aanaa galmeessisuu isaanii ragaaleen ni addessuu.Qorattuu tunis afoola keessaa mata-duree Qaacceessa urursa Daa'immanii jedhu irratti qorannoo waan gaggeesiteef afoolli kun hawaasa keessatti faayidaa inni qabu waan qorattuuf yaaxiina faayidaa fayyadamte.. .

# BAQANNOO AFUR

# QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti xiyyeeffannoo guutuu qorannoo kanaakan ta'e, qaacceessa Urursa Daa'immanii Godina Arsii Aanaa Hexxosaa jedhu kallattii garagaraan qoqqoodamee qaacceeffamee jira. Haalli qoqqooddii urursa kanaas, urursa daa'imni kan ijoollee duraaf urursamu, urursa daa'immanii intalaaf ururfamu, urursa yeroo daa'immanbochuu ittiin sossoban, urursahaati daa'ima ergachuuf urursitu yookiin sossoobdu, urursadaa'imman akka hin boonyeef ittiin sodaachisan,urursa haati daa'imaan fakkeessaa komii ibsattu, urursa yoo haati daa'ima argatte uruursamu, urursa daa'imni nyaata akka nyaattuu (dhugduu) urursamu dha. Maddi urursa kanaas hawaasa itti tajaajilamaa jiruufi tajaajilamaa tureedha.Haaluma kanaan, mata-duree qorannoo kanaan ragaaleen wal simatan walitti qabamanii jiru.Ragaalee walitti qabaman keessaa ragaalee qaacceeffaman filatamanii jiru.Ragaaleen filataman kunis akka armaan gadiitti qoqqoodamanii jiru. Akka waliigalaatti, urursa daa'immanii kutaalee gurguddoo lamatti qooduun ni danda'ama. Isaanis urursa daa'immanii idilefi al-idileedha.

## 4.1. Uruursa Daa'immanii Kanneen Idilee Ta'an

Urursadaa'immanii idileekanneen jedhamankan haati daa'imti akka hin boonyeef yookaan kunuunsa daa'imaaf, akkasumas jaalala daa'imaaf qabdu calaqqisiisuuf dugdatti baattee yookaan lapheeirratti qabattee oliifigadi deddeemaa sossobuun daa'im acallisiistuu dha. Kanamalees, haati takka daa'imti nyaata akka nyaattuuf, ergachuuf, hojiidhaan qabamtee daa'ima raffisuufi kan kana fakkaataniif kan ururfamu dha.

### 4.1.1 Uruursa Daa'immanii Kan Ijoollee Dhiiraaf Urursamu

Aadaa Oromoo keessatti haadholiin daa'ima isaanii guddisuu keessatti gaheen isaan qaban olaanaa dha. Haaluma kanaan, yoo daa'imti isaanii booche akka hin boonye haala garagaraan ni urursu.

Yeroo urursan kanas weedduu miira olaantummaafi barbaachisummaa ilmi dhiira qabu walaleessuun yeroo ittiin ibsan ni jira. walaloon.Urursadaa'immani kan ijollee dhiiraaf urursamu

Kunis kan argame jiraattuu Ganda Dayya'a kan taa'an Addee Badriyaa Ibraahim irraa yoo ta'u kanas akkaataa armaan  gadiitiin jechuun kan ibsani dha.

Harraggoota gaaraa dibbee dhahe
Ollaan durba deette jennaanolaan jibbee nahee

Raammoon otoo durba taatee yaate narraa

Raammoon dhiira taanaan baane dharraa

Ummanni Oromoo gaafa intalli dhalattuu irraa gaafa dhiirri dhalatu caalaatti gammadu.gammachuu

kana ibsachuuf  yoo dhiirrii  dhalatu qawwee dhukaasu.Dubartonni si'a shan ililchuu.Dubaraaf immoo si'a sadii qofa ililchuu kun garuu.Dubartootaaf ilaalcha gadi aanaa qabaatanii osoo hin taane dhiirri  kan irraa gargar hin baane.Intalli immoo heerumte warra ishii irraa gargar baatii jedhaani waan yaadanifi, kanaaf.

Urursa armaan olii keessatti haati yemmuu ciniinsuu keessa jirtu akkuma  hiikamteen ollaan durba deesse jedhee  yoo dubbatu dhageechee rifachuu  ishii  kan  ittiin  ibsattudha. Booda garuu,dhiira  akka  ta'e  erga barattee booda hedduu  gammaduun dharraa yookiin yaaddoo bahuu ishii kan ittiin agarsiifattu yookiin ibsattudha. Kana malees, dhiira argachuun ishii immoo jiruu fi jireenya ishii keessatti dhirri kan irraa gargar hin baane ta'uu kan ittiin ibsattu dha. Qabiyyeen urursa kanaa dhiirri abdii maatifikan maatii irraa gargar hin baane; jiruufijireenya isaa guutuu kan waliin urursu jiraatu ta'uu isaa ibsa. Haaluma kanaan waayee ijoollee dhiiraa akka itti aanutti.

Ijoollee ijoollee
Ijoollee tadhiraa
Maxaanxeen sibiilaa
Gonfaa sitti hiinaa
Gonfaa jalli muuxaa
Intalaan naa fuutaa

Walaloon urursa daa'immanii armaan olitti dhiyaate kun kan urursamu irra caalaa kan haati ilma godhachu  ishiitiin yommuu  gammadduufi  ilma ishiitiinis yommuu dhaadattu  mul'ata.Kunis, ilma dhiiraaf jaalala qabdu ibsachuuf maxaanxee yookiin faayaa ijoollee hidhuuf. Gonfaan sunis

hedduu miidhagaa kan intalaan itti fuutu ta'uu kan itti ibsattu dha. Walumaagalatti, urursaan kun ijoolleen dhiiraa abdii maatii fi haadhaa akka ta'efi olaantummaa kan mul'isufi dhiirrii maati keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaa kan ibsudha. Yeroo dhiirri dhalatu ijoollummaa isaarraa eegalee jireenya fuulduraa keessattis wanta isaaf godhanis kan keessatti faarsanidha. Kana keessatti dhiirri maatii horachuufi sadarkaa biyya bulchuu keessatti gaheen dhiiraa kan dubaraa ol akka ta'es qabiyyee urursarraa ni hubatama. Urursa armaan olii kana keessatti dubarri faayidaa yookiin gahee maati keessatti hin qabdu jechuu osoo hin taane ilaalcha uummatichi dur irraa eegalee ilma dhiiraaf qabu agarsiisuuf kan urursame dha. Qabiyyeen waliigalaa urursa kanaas dhiirri maati irraa kan gargar hin baane; abdii maatii isaa ta'uu agarsiisuudhaaf akka armaan gadiitti urursiti.

Haati ilma qabdu
Baddu barbaadaa qabdi
Dhibamtu badadaqabdi
Dulloomtu soorama qabdi

Afwalaloo kana keessatti haati ilmoo dhiiraa argatte takka yoo manaa baate badde,nama ishii barbaadu kan qabduu fi yoo dhibamtes nama dhibee ishii sana duukaa bu'ee wal'aanu qabaachu ishii kan keessatti ibsattuu dha. Kana malees, akka itti aanu jechuudhaanis ijoollee dhiiraaf urursu.

Haati ilma qabdu
Duutuu awwaala qabdi
Awwaalli sodduu qaba
Soodduun dhibaayyuu qaba
Soodduun walii lama
Kan haadha Boonaa galma

Karaa biraatiin afwalaloo armaan olii keessatti haati ilma dhiiraa argatte takka yoo duutellee nama haala gaariin ishii awwaalu, awwaalli ishii sunis kan haala gaariin kunuufamu, akkasumas yeroo yeroon yaadannoon kan ishiif godhamu ta'uu abdachuu ishii bira darbee, abdii ishiin ilma ofiirraa qabdu awwaalli ishii haala gaariin miidhaguu kan urursaan calaqqisiistuudha. Qabiyyeen urursa kanaa, haati ilma dhiiraa qabdu yeroo lubbuun jirattuufi duutes kabaja qabaachuu kan agarsiisuudha.

### 4,1,2. UruursaDaa'immanii Intalaaf  Ururfamu

Urursi daa'immanii kallattiilee garagaraan hawaasa isa uume ibsa. Keessattuu uummanni Oromoo dur irraa calqabee afoola isaatiin maatiisaa ittiin barsiisaa. Waan gaarii kan dalage ittiin faarsa, hamaa kan dalage immoo ittiin qeeqaa kan jiraataa tureedha. Haala akkasii keessatti yeroo durii dhiiraaf dubara ija tokkoon hin ilaalan ture. Kana jechuun durbartootaaf ilaalcha gadi aanaa qabaatanii osoo hin taane, jireenya egeree isaanii keessatti dhiirri maatii isaa, akkasumas intalli gosa isaarraa heerumaan kan hin fagaannee fi yoo dullooman illee kan itti hirkatan waan ta'eef immoo ormatti heerumtee warra ishii irraa gargarbaati jedhanii waan yaadanif qofa miira garagaraatiin ilaalu. Urursi daa'immanii yommuu faarfamu (urursamu) akkanumaan kan urursamu osoo hin taane kan ilma dhiiraafi intalaaf ururfamu adda adda. Urursaawwan daa'ima intalaaf ururfaman kun kan argaman Addee Fooziyaa Jamaalifi Adde kadijja Ibraahim irraa guyyaa15/06/2012kan argame yoota'u, kunis haala armaan gadii kanaan dhiyaatee jira.

Intallanaan shoodee
Intala deette jedhee
Abbee naan oodee
Intallillee namumaa
Badaan dhabuma
Daaddaa tiyya diqqishuu sabaree
Kan intala deette jedhe nattu kafaree
Intaltillee namumaa
Badaan dhabumaa

Urursa armaan olii kana keessatti haati daa'imaa intala deesse. Abbaan warraa intala dahuu ishiitti komachuu kan ittiin ibsituudha.Kanas, "Intala deette jedhee abbeen naan oodee" jechuun ibsatti.Kana jechuun waan intala deecheef jecha abbaan warraa ishii dubbisuu diduu ibsatti. Urursa kana keessatti ilmoo dubaraa dayuun qaanii akka hin taaneefi intaltis namummaan dhiiraan wal qixa ta'uu ishii ibsuun, dhiiras ta'e dubara yoo ta'ellee nama dhabuutu miidhaa qaba jechuun kan ibsitudha.Karaa biraatiin kan intala deette jedhee nattu kafaree jechuun namni intala deeche jedhee dubbate waaqaanis kan waldhabu ta'uu isaa ibsiti.Qabiyyeen urursa kanaa dubartii yookiin intalti dhiiraan walqixa ta'uun dhiiraa gadi akka hin taane haamilee ishii jajjabeessuu agarsiisa.

Intalti maaliin dhibdii
Aannanii baaduu dhuddi
Foonii garaacha nyaatti
Sandhabdu garaa hidhatti

Urursa armaan olii kana keessatti immoo daa'ima intalaa guddisuun akka ijoollee dhiiraa rakkisaa akka hin taane bifa urursaatiin kan haatii ibsitu dha. Kunis nyaataafi dhugaatii kan hin filanne waanuma haati kennite fakkeenyaaf baaduu dhadhaan keessaa baye dhuguu, foon immoo garaacha jettee osoo hin tuffatin waan soorrattuufi. Kana hunda yoo dhabde obsaan beela ciniinnattee dhiira caalaa turuu danda'u ishii kan ibsitudha. Qabiyyeen urursa kanaa intalti kan obsa qabduufi maatii kan hin rakisne ta'uu agarsiisa.

Hin loluu hin lolfadha
Hin dhaanuu hin gorfadha
Intala haadhatu gorsa
Sinboolee sinboolee shinbira waamoolee
Sittin furuu sittiduudha malee
Singarguru sitti fuudha malee

Buufata urursa armaan olii kana keessatti haati jaalala daa'ima intalaaf qabdu agarsiisuuf kan walaleessitudha. Kunis daa'imti intalaa takka yoo waa balleessite dogooggora ishii sana gorsuun irraa deebisuu yaaluu keessatti irra caalaa gahee kan taphatu haadha ta'uu kan keessatti ibsitu dha. Gorsa haadhaa kana bira dabartee yoo waa balleessite immoo rukutuunis akkajiru ibsiti. Karaa biraatiin haati daa'ima ishii intalaa yommuu kunuunsitu sirriitti naamusaan jabeessitee qabuus kan agarsiisu dha. Jaalala ishiif qabdu irraa kan ka'e daa'ima sana heerumsiisuu osoo hin taane akka dhiiraatti situ fuudha jechuun gadifageenyaan jaallachuu ishii calaqqisiifatti. Qabiyyeen urursa kanaa haati ijoollee intalaa sirriitti jaallachuufi jaalala keessa naamusas barsiisuu kan agarsiisu dha.

### 4.1.3 Urursa Yeroo Daa'imman Boochu Ittiin Sossoban

Yoomeessa garagaraa keessatti daa'imman haadhaof biraa dhabanii yookiin beela'anii akkasumas dhukkubni garagaraa yoo itti dhagahamu miira aarii agarsiisuun ni booya. Haaluma kanaan haadholiin urursa daa'immanii kana haala addaa addaan yommuu daa'imti boochu kan urursani dha. Afwalaloon kunis  jiraatoota Ganda Habeecorree kan taa'an Addee caaltuu TalilaafiAddee Badriyaa Jundii guyyaa 12/06/2012kan argame yoo ta'uu, haala armaan gadii kanaan dhiyaatee jira.

Ushururuu raaru raaruu
Garaan ana haa aaruu
Garoolee malee hin waamuu
Ushururuu sabaratti
Arsiin alaa dalagatti
Hin boohin dammee tiyya hoo adabatti
Gaara hadamonni gombode hoo
Raroo adaadonni sassabde hoo
Raroo dhibbaa
Tana maaltu jibbaa



***Figure 1 yommuu haati daa'ima dugdatti baatte urursitu agarsiisu***

Buufata urursa armaan olii kanneen keessatti haati dallanuu yookiin aaruu daa'imaa ibsachaa akka daa'imti sun callistuuf immoo jaalala ishiif qabdu kan ittiin ibsattu dha. Gama biroon immoo osoo ishiin daa'ima sossobduu namoonni biroo alaa dalagaa jiraachuu ibsuun ishiin immoo sababa daa'imaaf jecha hojii manaa dalagachuu akka hin dandeenye ibsatti. Kanamalees, daa'ima ishii sana sirriitti jaallachuu of abaaraa sossobdi. Daa'imti ishii akka hin boonye adaadonni ishii hedduu sossobuu fi namoonni ishii jibban kan hin jirre ta'uu ibsuun adaba qabadhu jechuun urursitu dha.

Qabiyyeen urursa kanaas jaalala haati daa'imaaf qabdu kan ibsuu fi yeroo xiqqoofis daa'imti akka hin dhiphanne agarsiisa. Kana malees ,haala itti aanu kanaan urursu.

Ushururu ashabaree buna hoo
Simajalaan sababe unahoo
Raammoo jedhee sin walaasuu
Gayyaa malee kushitaa sin obaasuu
Boosoo ilaalaan biyya dinbilaalaa tiyya
Bootee afaani naduraa sibayee
Ollaan dhagayee

Urursa armaan olii kana keessatti haati daa'ima ofii akka hin boonye gochuuf dhugaatii daa'imaaf kennitu kophaa ishii akka dhugdu kan keessatti calaqqisiistu dha. Kanamalees, haati yommuu daa'ima kunuunsitu akkuma namoota biraa garaan ishii beelawuu kandanda'uufi beela ishiif kaatee hojjettee kan nyaattuu yookiin dhugdu osoo hin taane, sababa daa'imaatiin nyaachuu yookiin dhuguu ishii kan ittiin ibsitudha.

Gama biraatiin afaanumaan qofa kan urursitu osoon taane qabatamaan elmitee obaasuu kan ittiin ibsitu dha.dhaurursa kanaas daa'imti akka hin boonye gochuufi bareedina daa'imaa kan ibsu.

Ijoolliyyoo ijoollee
Ijoolee ijoollee ijollummaa bottii
Guddattu hin boonti
Guddisa kurfessaa rabbitu urgeessaa
Urgeen ati oolte urgoo natti dhooftee

Ursi armaan olii daa'imman raffisuufi gammachiisuudhaaf haati urursitu dha. Kunis daa'imman akka waan yaada haati jettee ittiin faarsiitu sana qabatamaatti beektuutti waan hedduu

jechuudhaan faarsitee gammachiisti. Kana malees, dugdatti baattee akka hin boonye taasisti. Akka daa'imti waa beektuu gammachiisuuf jecha kadhoon eessa jirtikan ittiin sibaadhu jechuun gaafatti. Karaabiraatiin haati daa'ima ishii yommuu ishiin boochu daa'imummaa malee hammeenyaaf akka hin boonye kan ittiin ibsitu dha. Akkasumas daa'imni sirriitti kunuunfamuu akka qabdu kan keessatti ibsattuu fi jaalala daa'imaa irraa kana ka'e, iddoon daa'imti sun ooltes kan miidhaguufi urgaawu yookiin foolii gaarii sababa daa'imaaf jecha jaallachuufi. Kallattii birootiinis guddina daa'imaatiifis waaqa kan abdattu ta'uu ibsa. Urursi daa'immanii yommuu faarfamu yookiin ururfamu qabiyyee garagaraatiif kan ururfamu akkasumas faayidaa garagaraa kan qabu ta'uu isaa odeeffannoon argame ni mul'isa.

Haati takka daa'ima ofii hanga fedhellee yoo jaallatte ururs a ishiitiin akkuma gammachiistu urursatti gargaaramuun akka hin boonyeefis ni sodaachisti. Kunis daa'imman haati hojiilee garagaraa hojjechuu akka ishii hin dhorkine ittiin sodaachisuuf kan urursitus ni jira. Faayidaan urursa kanaas daa'imummaa irraa eegalee naamusa akka baratan saafuu akka sammuutti hubachaa guddattu waan hamaafi gaarii gargar baafachaa akka guddataniifis fayyada. Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti sammuun daa'imaa akkuma waraqaa adii waan taateef waan qabde kan gadi hin dhiifneefi daa'ima ganamumaan kallattii qabsiisaa guddisuun gaarii akka ta'e kan nama agarsiisudha. Kunis akka armaan gadii kanatti qoqqoodamee dhiyaatee jira.

Ijoolle ijoollee
Ijoolleen tagamaa
Saree tiyya boontuu
Abbee sitti waama
Waamamu sidhaana

Urursi kun kan haati daa'imti akka hin boonye ittiin sodaachiftu dha. Kunis abbee sitti waama yoo dhufe immoo si rukuta jechuun akka daa'imti naamusaan guddattuufi abbaa sodaattu kan akeektudha. Qabiyyeen isaas sadarkaa kana irraa eegalee daa'imman akka naamusa baratan kan ibsu dha.

Shikkoo muyoo mummufattuu
Haa gabayaan najalaasi fudhattu
Eennutu qabee itti kennaa
Shikkoo saree sabaree tiyya jenna

Urursi armaan olii yeroo baay’ee ijoolleen yommuu boochee callisuu diddu akka ishiin callistuuf jecha kan urursamu dha. Akkasumas karaa namoonni gabaaf deeman irra kaayee gabayaan sihaafudhattu  jechuudhaan urursiti. Akkas yaa jettu malee garaan ishii hinjaallatu yookiin namni qabee itti kennu eenyu? Eenyuyyuu akka namoota gabaaf deemanitti hin kennine jechuun kan akeekkachiiftu dha.

Harragotu gaaraa waakkisa hoo
Kadir galcho raammoo tiyya boochisahoo
Hindhaqin hin dhaqini mana ormaa
Siinxaa qaba garri mormaa

Urursi kun haati akka daa’imni hin boonye gochuu malee hojii birootiif iddoo guddaa kennuu dhabuu ishii kan agarsiisudha. Yommuu kanas daa’imti akka mana namaa deemtee balbala namaa irra hin dhaabbanne kan keessatti gorsitudha. Kunimmoo daa’imti akka naamusa barattuufi kabaja akka barattu kan barsiisu dha.Qabiyyeen urursa kanaa saafuufi naamusa barsiisuu agarsiisa.

Ijoollee ijoollee
Ijoolleen maaboochii
Saree tiyya shikkoon
Yoo guddatte boonti
Karaan kuni gooddaa
Saree tiyya boontuu
Karaa kana koottaa
Ijoollee ijoollee
Ijoolleen tagaaraa
Dabaleen handaara
Ijoollummaa boottii
Yoo guddatte boontii

Urursa armaan olii kana keessatti haatidaa’ima ofii qamani isaa kan urursitu ta’uu kan mul’isuu dha. Kunis gara fuulduraatti daa’imti ishii boonaa kan jiraatu ta’uufi yommuu haati waamtee daa’imti gara haadhaa dhuftu karaa irra deemtu kan filattuuf ta’uu kan agarsiisuu dha. Qabiyyeen ursa kanaas haati daa’imaaf jaalala guddaa qabaachuu kan agarsiisuu dha.

### 4.1.4 Urursa Haati Daa'ima Ergachuuf Urursitu

Haati daa'ima ofii yoo xiqqaas ta'e haala garagaraa keessatti tooftaa adda addaatiin urursaan gargaaramuun ni ergatti. Kunis haati daa'ima ofii jireenya hawaasummaa keessatti gahee hojii qabaachuu isaa barsiisuuf kangargaaru dha. Yommuu kana raawwattu immoo hojii daa'imti akka ishii gargaartu taasistu kamuu keessatti yaadaanis ta'ee garaan haadhaa kanbiraa hafuu miti. Urursaan armaan gadii kunis kan haati daa'ima ergachuuf urursitudha. Akka od-kennitoota kanarraa hubatamutti, yommuu urursitu kana daa'imti akka afaan hiikkattuufis gahee akka qabu ibsu.Kunis hojii daa'imti akka hojjettu barbaadan kamiyyuu akka daa'imti beektutti itti dubbachuu shaakalsiisu.  Kun immoo waliin socho'aa gochaa sana waliin raawwachaa akkeessaa akka hojjatan taasisuun kan barsiisani dha.

Ushururuu giigii giigii
Bishaan qoraanitti naafiigii
Bishaan qoraan sun illee fago'oo
Bakkeen ati ooltuu martuu yabo'oo



**Figure 2 Suuraa yoomu haati daa'ima ergachuf urursitu agarsisu**

Urursa armaan olii kana keessatti haati daa’ima urursaa bishaaniifi qoraan akka fiduuf afaaniin haadubbattu malee, garaa guutuun erguu dhabuu kan agarsiisu dha. Kanas yaada qoraaniifi bishaan sun illee fago’oo iddoon ati ooltu martuu yabo’oo jedhurraa hubachuun ni danda’ama. Qabiyyeen urursa kanaa jaalala ibsachaa ergaa yookiin hojii barsiisuu dha.

Shiikkoo tiyya taati jabbii tika baatii
Jabbiileen addennaa walumaan arreenna
Shiikkoo munyoo giigii
Jabbiin hootee fiigi
Tafeete haa hootuu
Gurra kankeen hootuu
Fiddee jalaan foot
Giigoo giigoo jedha yoo lalabuu
Waamee dhaanuu fedha yoo dadhabu

Urursa armaan olii kan keessatti haati daa’ima ishii yommuu ergattu tooftaa garagaraa fayyadamuun ergachuu kan agarsiisudha. Kanas iddoo daa’ima ergattu sana walumaan deemuufi akka jabbiin hin hoone fiigde akka deebistu eeruun horiin kamillee hootuu sa’a daa’imaaf elmamtu gurraa kan jedhamtu akka hin hoone agarsiisuun daa’ima gammachiisuun ergattu dha. Kana bira darbee immoo, haati daa’ima waamtee yommuu dadhabdu garaan ishii daa’ima dhaanuu yookiin rukutuu yaaduu ishii daa’ima sodaachisuuf kan gargaaramtedha. Urursa kana keessatti haati ijoollummaa irraa kaasuun qabeenya yookiin kennaa daa’ima beeksisuun daa’imti sun akka waansana kunuunsitu al-kallattiin kan urursaan urursitu dha. Qabiyyeen urursa kanaas daa’ima jaalala adda addaa gammachiisaa ergachuu agarsiisa.

Areedii gaara bayii
Abbeetu siwaamadhagayii
Balbala naa teettee
Dadhabuu naa beettee
Ijoollee qorattanii
Erginaan billisuumaa

Qarummaan billaachuma

Urura armaan olii kana keessatti haati daa'ima ishii yommuu urursitutti daa'imti ajaja abbaa dhagahuun ajaja akka fudhachuu baratu kan ittiin barsiistu dha. Kana malees daa'imti sagalee dhagaahamu sana xiyyeeffannaan hubachuun abbaan daa'ima waamaa jiraachuu isaa akka dhaggeeffatu kan hubachiistu dha. Gama biroon urursa kana keessatti haati daa'imti ishii balbala ishii bira eeguu danda'uu bira dabartee yoo dadhabdes kan ishii hubattu ta'uufi kanas qorummaan billaachuma erginaan billisuuma jechuun daa'imti baay'ee gamna akka taate xiinsammuu ishii gmmachiisaa ergachuu kan ibsu dha.

Qabiyyeen urursa kanaas haala garagaraan daa'ima ergachuuf urursaan gammachiisaa, safuu barsiisuu agarsiisa.

Harree tiyya giigii
Dafii natti fiigii
Dafiitii areedii
Waashakasi shakasi
Sidhaana abeetii
Abbeetu siwaamaa
Gabbayii caqasii
Abbee kan siwaamuu sihaadubbisu
Rabbiin si'uume si haa guddisu

Urursi armaan olii kun kan haati daa'ima ofii erguudhaafi akka abbaa dhageechuu sodaachistu dha. Kanas siwaama abbeetii sidhaana arreedii jechuun gara abbaa akka deemtu taasistu dha. Kana irraa wanti hubatamu yookiin qabiyyeen afwalaloo kanaa haati ilmoo ofii yommuu iddoo kamittuu ergattu garaan ishii kan biraa hin hafneefi yaaddoon ishii jaalala daa'imaatiin waan guutameef waaqni akka guddisuuf kadhattu adaraa dhaammachuu kan agarsiisudha. Kana malees, urursa kana keessatti haadhaa fi abbaa ofii kabajuun akka barbaachisu urursa kanaan barsiistuu dha.

### 4.1.5Urursa Haati Daa'ima Argatte Urursitu

Urursi daa'immanii kun dubartii yookiin haati daa'ima argachuu ishiitiin gammaddee miira adda addaatiin faarsitu dha. Kana jechuun, haati daa'imaa takka wanti ilmoo argachuu caalaa ishii

boonsu yookiin gammachiisu kan hin jirre ta’uu gaafa guyyaa7-06-2012Aadde Zeeynabaa Huseen irraafi AaddeFaaxee Ibraahiim yommuu daa’ima urursan dawwannaa qorattuun tun gaggeessiteen hubachuun danda’amee jira. Kunis afwalaloon kun dubartoonni yeroo midhaan daakan yookiin hojii biraa hojjatan akka daa’imni hin boonye urursa sammuu isaanii keessaa maddisiisuun kan ittiin urursanidha. Urursaawwan haati daa’ima qabaachuu yookiin argachuu ishiitiin urursaman kanneen armaan gadii ti.

Araatatu oofa jabbii qaraxaa
Araada nabaase rabbiin galataa
Naa kenne salaamata
Ilaalatti yaate jabbiin qaraxaa
Araada nabaase rabbiin qaraxaa
Galanni haagayu rabbi kiyyaa
Saddeet salaamta dachii tiyyaa

Urursi armaan olii kun haati takka ilmoo argachuu ishiitti hedduu gammaduu kan agrsiisu dha. Kanas waaqa ilmoo kenneef kan ittiin galateeffattu akka ta’ee fiwaan araada ishiibaasu ilmoo argachuu ishiitti dachee dhungachuun waaqa ishiif kenne kan ittiin galateeffattu ta’uu isaa agarsiisa.Kana malees, ilmoo argachuun nagaya argachu waaqni nagaya ishiif kennuu agarsiisuuf naakenne salaamata jechuun waaqa ishii galateeffatti.

Qabiyyeen isaas wanti akka ilmoo nama gammachiisu kan hinjirre ta’uufi ilmoo argachuun waan hundaa ol ta’uu kan ittiin ibsitu dha.

Ijoollee ijoollee
Araaratu oofu garbuu gindo’oo
Araada nabaase rabbiin dilgo’oo

Urursa armaan olii kana keessatti haati daa’ima argachuu ishiitti hedduu gammaduu ishii kan agarsiiftu dha. Kanas araada nabaase rabbiin dilgo’oo jechuun waaqni waahedduu araaddee yookiin argachuu barbaaddee ilmoo hawwaa turte ishiif kennuu isaatti hedduu gammaduu ishii kan ittiin agarsiistu dha.

Araaratu oofa shiisii bir’ii
Araada nabaase rabbiin sirri’ii

Kana malees waaqa keessa nama ilaalee hubatutu ilmoo namaaf kenna araada nabaase rabbiin sirri'ii jechuun waaqni rakkoo ishii keessatti hubatee akka waan ilmoo kenneefitti waaqa galateeffachuu agarsiisa.

Kada'oo jala dhaababatu abdiyyo'oo
Katuree nama qaabatu rabbiyyo'oo
Uduu hin araadi dayee anaraada bayee
Karaan ka araataa
Lubbuu tiyya dhabaan siaraadaa

Karaa biraatiin hanga fedhellee yoo ture waaqumatu namaaf kenna ani immoo hedduu araade baye jechuun namni ilmoo hin qabne immoo argachuufs baay'ee akka hawwu kan ittiin ibsitudha. Qabiyyeen urursa kanaas ilmoon waan kamiyyuu caalaa nama gammachiisuu kan agarsiisuufi ilmoo argachuun nagaa argachuu akka ta'e a kkasumas kan namaaf kennu waaqa ta'uu kan ibsu dha. Urursa keessaa waaqa galateeffachuu mul'isa.

**4.1.6 Urursa Jaalala Daa'imaaf QabanAgarsiisuuf Urursamu**

Hawaasni Oromoo afoola isaa jiruuf jireenya isaa ibsachuu keessatti dhimma kamittuu itti gargaaramu.Keessumaa immoo jaalala ijoollee isaatiif qabu haala adda addaatiin urursaan daa'ima isaa gammachisa. Urursi daa'immanii qabiyyee bal'aa yookiin ergaa baay'ee kan qabu ta'ee haati ilmoo ofiitiif jaalala qabdu karaalee adda addaatiin kan ittiin calaqqisiifattu dha afwalaloon Urursi daa'immanii haati jaalala daa'imaaf qabdu agarsiisuuf urursitu kunis kan argame jiratoota Ganda shoorimaa kan taa'an Addee Misraa AmaanifiAddee Ruqiyyaa Daddafoo irraa guyyaa 15/06/2012kan argame yoo ta'u haala armaangadii kanaan dhiyaatee jira.

Ijoollee ijoollee
Ijoollee haadha garoo
Fincaaniin kuttee raroo
Haaciccittuu raroon harsamumaa
Tolli rabbiyyo'oo akkanuma

Urursa armaan olii kana keessatti haati jaalala daa'imaaf qabdu irraa kan ka'e daa'imti erbee yookiin huccuu daa'imaan dugdatti baatan fincaaniin yoo kukkuttes daa'ima akka hin caalle argarsiisuuf haati kan ittiin gargaaramtu dha. Urursa kanarraa wanti hubatamuu danda'uu wanti daa'ima yookiin ilmoo caalu kan hin jirre ta'uun hubatameera.

Garaa hadaamonni daaxxee muddee
Shiikkoo Shiikkoo adaadonni daatee dhuftee
Shiikkoo adaadoota arrawwaii sitti haa hawwanii

Urursi kun kan haati jaalala daa'imaa ibsachuuf urursitu dha. Kanas adaadonni daa'ima ishii barbaachayaatee dhufuun daawwachuun namni biroos akka hawwu kan ittiin ibsattu dha.

Ashunquxiin baate gaaratti rakkooftee
Raroo tiyya taatee anatti urgooftee
Urgeen ati oolte urgoo dhooftee
Ashunquxiin baalaa nama muru laalaa
Shiikkoo hojjaa gaalaa nama tuqu laalaa

Kana malees jaalala daa'imaa irraa kan ka'e iddoon daa'imti ooltellee akka urgootti foolii gaarii urgaayuu akka dandeechu kan keessatti ibsitu dha. Gama birootiin daa'imti sun baay'ee dheertuu ta'uufi namni ishii tuqu kamiyyuu yoo jiraate haati kan hin dhiifne ta'uu kan agarsiisu dha. Qabiyyeen urursa kanaa daa'imti maatiidhaaf jaalala guddaa kan qabduufi iddoon daa'imti teessuufi ooltus jaalala qabaachuu kan ibsu dha.

Ushururuu koodee koodee
Osoon siwaamuu jabbiin hootee
Hin hootu jabbiin durumaa
Firoon kee alaa guungumaa
Sareen adaadoo kee kuma
Kan sidhaane dubbiin gumaa

Buufata urursa armaan olii kana keessatti haati daa'ima yommuu urursitu jaalala ibsaa osoo daa'ima waamtuu jabbiin hodhuu kan ibsitu dha. Kana malees, urursa kana keessatti namni daa'ima ishii kana rukute yookiin tuqe rakkoo cimaan akka irra gahu kan sodaachiftuu fi sa'attiin ishii osoo waatii hin hoosifatin dursee kan mar'atu akka ta'e ibsitu dha.

Giigoo jedha giigoo ufii
Dhiigoo karaan fago'oo
Natti fiigii dhufiii

Buufata urursa kana keessatti firoonni ishii iddoo fagoo jiraachuu ibsachuuf ‘Dhiigoo karaan fago’oo natti fiigii dhufii’ jechuun kan ibsituu fi daa’imti biraa akka hin fagaanne barbaaduu kan ibsu dha. Urursa biraatiin akka itti aanutti ursiti.

Garbuu warra gaaraa jaldeessatu haamaa
Garoo tiyya shiikkoo aneenyutti dhaama
An eenyuttuu hin dhaamuu
Garaansi haawaamuu
Darbee haga hi buusuu
Raammoo tiyyashiikkoo
Dafee harma hin guusu.

Urursi kun kan haati jaalala daa’imaan gargar baatee hedduu yaaduu ishii ibsuuf urursitu dha. Kanas yaaddoo ishii isaan namatti dhaamuu osoo hin taane garaan ishii akka waamuuf kan abdattu dha. Jaalala daa’imaaf qabdu irraa kan ka’e lafa kan hin keenyee fi daftee kan harma hin guusisne ta’uu kan keessatti ibsattu dha. Qabiyyeen urursa kanaa haati jaalala guddaa daa’imaaf qabaachuufi yoomiyyuu gargar bahuu kan hin barbaanne ta’uu kan mul’isu dha.

Eessuman dhaqa jettee
Farsangaa yaabbattee hoo
Tuneessaa baate jettee
Takalqiin daawwattehoo
Qorsee adaadota dhibbaa tiyyaa maaltu jibbaa

Buufatni urursa armaan olii kunneen Kan haati daa’imaaf jaalala guddaa qabaachuu Kan ittiin ibsitu dha. Kunis daa’imti hedduu bareedduun tun eessaa baate jettee takalqiin daawwatte hoo namni hedduun ajaa’ibsiifattee daawwatu ibsuufi addaadoo heeddus waan qabduuf namni jibbu akka hin jirre yookiin namni hunduu akka jaallatu Kan ittiin calaqqisiistu dha.

Saree tiyya shiikkoo
Fudhee dhaqa dhiigoo
Dhiigoon hin fagaattii
Garaa nu jabaattii
Karaan suni gooddaa
Karaa kanakoottaa

Kana malees yoo firoota ofii bira deemtus dhiistee kan hin deemneefi firoottan ishiis fageenyarraa kan ka'e garaa kanneen jabaatan waan ta'eef daa'ima ishiitti obsitee jiraachuu. Qabiyyeen urusa kanaa haati ilmoof jaalala guddaa qabaachuu ibsa.

Eessumni keetokko koora fedha
Kooraa xiqqoo sare'ee tana dhiisi jedha
Miilli fayyaa siqabaa raammiyyoo
Lafa dhiiti jedhaa

Urursi armaan olii kun haati sirriitti jaalala cimaa daa'imaaf qabaachuu ishii kan ittiin ibsattu dha. Karaa biraatiin urursi kun kan haati daa'ima faarsitu ittiin dhaadattu akkasumas akka daa'imti sun gammachuun guutamtee burraaqxu kanoonnachiiftu dha.

Ijoollee ijoolle
Ottee jalli faaraa waatadhagaa
Xiqqoo nafa kuulaa boosoddayee
Boosoo ilaalaan biyya dinbi laalaa tiyyaa

Urursi haala kanaan haati urursitu gadi fageenyaan ittiin boonuu ishii ibsachuuf xiqqoo nafa kuulaa boosoddayee jechuudhaan faarsiti.

Urursi haala kanaan haati urursitu mucaa ishiitti boonuu ishii ibsachuuf xiqqoo nafa kuulaa boosoddauee jechuudhaan faarsiti. Kun immoo xiinsammuu daa'immaniitiif murteessaafi daa'imman urursa kana yommuu dhagayan yoo booyaa jiraatanillee booyichasana dagatanii kallattiimaan gara kolfaatti deebi'u.Kana malees, haati booseettii jedhamtee tuffatamaa turuu ishii fiilmoo namni hunduu jaallatu sanas ishiin argachuu ibsatti. Karaa biraatiin daa'ima xiqqoo namni kamiyyuu ni jaallata, kana ibsuuf immoo haati urursa akkas jedhuun urursiti

Shiikkoo muyoo sabaree leedii
Ollaan martuu gabaree keetii
Waan gabaree godhatteef atummaan beekii
Shiikko muyoo maaltu gayaa
Maxaanxeen hundhuura gayaa
Hundhuuraan abbaan kenneef
Addattuu tiki gayaa

Qabiyyeen urursa kanaa namni kamuu daa'ima kan sirriitti jaallatu ta'uufi karaa biraatiin qabeenya abbaan kenneefillee maqaa dhayuun daa'imni sun sirriitti akka gammadduu gochuu kan agarsiisuudha.Gabaabumatti hawaasni jaalala daa'imaaf qabu waanta kamiinuu madaalamuu kan hin dandeenye ta'uu kan argarsiisu dha. Karaa biraatiin daa'ima namni kamiyyuu yoo bira gaye olfuudhee dhungata. Kanaaf jecha waan akkanatti jaallataniif atumti beeki jechaa akka waan beektuutti itti dubbachuun handhuuraan abbaan handhuureef hedduu ta'uu ibsiti.Qabiyyeen isaas namni kamiyyuu jaalala olaanaa daa'imaaf qabaachuu ibsa.

Gama biraatiin hawaasichi afoola isaa cimsachuu fi eenyummaa isaa ibsachuuf kutannoo qabuufi afoola isaatiin boonuu ta'uus ibsani jiru.

Haata'uu malee, yeroo ammaa dubartoonni wantoota akka amantaa, ammayyummaa akkasumas hubannoo dhabuu irraa kan ka'e daa'imman urursaan sossobuu dhiisanii wantoota kanneen akka karameellaa, shonkora bituun sossoobu.Daa'ima dugdatti baadhatanii asiifi achi deddeemaa urursuuf yaaduun akka yeroo qisaaseessuutti ilaaluunis kanmulatu ta'uu isaa yaada isaanii qoratittiiif laatanii jiru.

Kanamalees sodaan saayinsii fi teeknoolojiin yeroo ammaa kana kaka'umsa hawaasaa duubatti kan harkisu ta'uu isaa ibsanii jiru. Yaada odkennitoota kanarraa akka hubatamutti, wantoonni armaan olitti eeraman kunneen kaka'umsa hawaasni urursa daa'immanii fayyadamee kunuunsuu qabu irratti dhiibbaa akka qabuu fi kaka'umsi hawaasaas laafaa ta'uu hubatamee jira.

Kun immoo xiinsammuu daa'immaniitiif murteessaa fi daa'imman urursa kana yommuu dhagahan yoo booyaa jiraatanillee booyicha dagatanii kallattiimaan gara kolfaatti deebi'u. Kanamalees haati booseettii jedhamtee tuffatamaa turuu ishiif ilmoo namni hunduu jaallatu sana ishiin argachuu ibsatti. Karaa biraatiin daa'ima xiqqoo namni kamiyyuu nijaallata, kana ibsuuf immoo haati urursa akkas jedhuun urursiti.

Shikko muyo sabree leedii
Ollaan martu gabaree keeti
Ollaan martuu gabaree keeti
Waan gabaree godhatteef atumaan beekii
Shikko muyoo maaltu gahaa
Maxaanxeen handhuuraGaya
Handhuraan abbaankenneef
Addattuu tika gayaa

Qabiyyeen ururssa kanaa namni kamiyyuu daa'ima kan sirritti jaalattu ta'uu fi qabeenya abaan kennef illee maqaa dhayuun daa'imni sun sirritti jaalatu ta'uu fi qabeenya abbaan kennef illee maqaa dhayuun daa'imnni sun sirritti akka gammadduu gochu kan agarsiisuu figabaabumatti hawaasnni jaalalli daa'imaaf qabu wanta kaminuu madaalamu kan hin dandeenye ta'uu kan agarsiisuudha.Karaabiraatiin daa'ima namni kamiyyuu yoo bira gahe ol fuudhe dhungatakanaaf jecha waan akkanatti si jaalataniif atumtti beeki jechaa akka waan bektutti itti dubbachuun handhuraan abbaanhandhureef hedduu ta'uuibsiti Qabiyyeen isaas namni kamiyyuu jaalala olaanaa daa'imaaf qabaachuu

#### 4. 1. 7 Ururssa Daa'imaa Nyaata Nyaachisuuf Ururssamu ibsa

Urursi daa'immani yoomessa garagara keessatti kanfaarfamu dha.kana kessaa haati yookiin guddistuun daa'imaa sagalee miidhgaa fi heddu hawwataa miira daa'imaa harkisuu danda'uun daa'ima ishii akka waa nyaattu yookiin waa dhugdu kan faaruudhaan kakaaftuudha.Ururssawwan kaneen gosagosaan caccabuun haala armaan gaditiin dhyaatejira.

Shikko muyyoohammarraa
Hincanuu hin qaamannuu
Aannan harmaa san dhuddaahallanyaa
Shikkoojedhee siwalaasu
Aannan elmee siobasuu

Ururssa armaan olii kessatti haati daa'imaaf harma yoo kennitu harmiishii sun hanga fedhellee yoo ture baduu yookiin alaawuu kanhindandenye ta'uu "Hin caanu hin qaammannu Aanan harmaa san dhudda hallanyaa jechuun ibsaa kan urursitu dha. Kana maiees aanan harmaa sana daa'ima maiee namni biro kan hin dhugne ta'uu kan ibsuu dha.Gama birootiin haati jaalala irraa kan ka'e aanan harmaa kessa elmitee yoo daa'imtti feete kan obastu ta'uu ibsatti.Qabiyyeen urusa kanaa harmi haadhaa kan daa'imaa qofa ta'uufi alaawuu kan hin dandeenye ta'uu ibsa

Ijoolle ijolle
Bassa malee attamiin sharaa dhugda
Booyinsi kee nama muddaa
Hin booyinii aananumadhudda

Bufanni urursa aan olii kun akka ibsutti daa'imtti yommu waan nyaattu yookiin dhugdu qulqullu malee haati akka hin kenineefi yommu bochuu kan nama rifachistu ta'uu kan ibsuu dha. Kanas ibsuuf (bassa maiee attamiin shaaraa dhudda booyinsi kee nama mudda) jechuun ibsiti.Qabiyyeen urursa kanaa haati daa'ima nyaata nyaachisuuf fedhiin nyaataa daa'imaa akka haala salphaan banamu daa'imtti gammachuun akka nyaata nyaattu kan taasisuu dha.

Raammoo garaa mooraa
Bassaan garaa oola
Bassaa garaa keeti
Kallowwan abbeeti
Shaaraan qabuu beeki
Hindaldalaa toorrii
Hin caccabaa moorii

Buufanni kun daa'imtti heddu gabbattuufi dhadhaan ishiin dhugde guyya guutuu akka hin beelofne kan garaa ishii kessa turu ta'uu agarsiisa.. kana malees qabeenya abba ishii ta'uu nyaanni sun miidhagaa dha jechuun gammachisaa nyaata akka nyaattu gochuu dha

Ijoollee ijolle
Kadhoo yabaliisaa
Raammoo tiyya shiikoo
Loontuu qananisa
Kadhoon suutoohin geettuu
Raammoo tiyya shikkoon
Suuta deemte hin beektu
Hindubbadhu qaraayyuu
Dudubbisoo dhalaayyuu

Ururs armaan olii kan haati daa'imaaf jaalala qabdu ibsuuf urursitu dha.kana malees ilmoon nama hindubbane ille dubbisu akka dandechuu kan ibsuu dha.Daa'imtti heddu gabbattuufi suuta deemuu kan hin beekne ta'uu kan ibsu dha.Gabbina daa'imaa iraa kan ka'ee kadhoon yookiin huccuun uffattu qaama ishii hunda kan hin geenyee ta'uufi daa'imtti sun heddu arifattuu suuta deemte kan hin beekne ta'uu urursa kanaan ibsatti.

Ijoollee ijoollee
Harree tiyya gaarii
Narraa fixxi aarii
mi'aandamma baarii
Dammi mi'aa goomaa
shakaksiigoonaa
Shakakni waan loonii
Shaka jedhi boonii

Buufatni urursa armaan olii kun kan haati daa'imni nyaata akka nyaattuuf kan urursitu dha. Yommuu kana haati daa'imaa hanga feete yoo aarte jiraattee daa'imtti aarii kan irraa balleesitufi jaalalli daa'imaa olaanaa ta'u ibsuuf (Harree tiyya gaarii narraa fixxi aarii mi'aan damma baarii) jechuun jalalli daa'imaa immoodamma bishaan baarii caaluufi dammiyyuu kan itti hanqatu waan ta'eef shakak dhadhaa horitiin qophessuufi siritti bashanani jettee gammachistu dha. Kana maleessirritti bashanani gammadi jechuuf shaka jedhi booni jechuun taphachisti.

Shikkoo muyoo daaddaa
Waa dammanaa nyaattaa
Dammi mi'aa goomaa
Sakakni sii goonaa
Shakakni waan looni
Shaka jedhi booni

Urursa kana kessatti daa'imtti ishii qananii irraa kan ka'e damma tole jette kan hin nyaane ta'uu ibsuu shaka siif qophessa gammadi jechaa sammu daa'imaa gammachisaa fedhiin nyaataa akka banamuuf urursaan urursuu agarsiisa.

Ijoollee ijollee
Dallaatti oofi arroo si haddarraa
Ciisii dhugi akka yoo galgalaa
Abbe homaa jedhu waan kanaa
Ka'oolchaa kennu haadhaa
Ka'oolche bulchu waaqa

Weddu armaan olii kana keessatti haati da'ima ishii urursa haalla garagaraan faarsuun daa'imtti gamadaa fi bashananaa akka nyaattu kan taasisuu dha. Kanas sa'a dalaatti galchite elmitee daa'ima obasuufi galgala akkadhugdu gochuuf yaadu ishii kan itti ibsituudha.kana malees yoo haati sa'a (arroo) jedhamu daa'imaaf elmite abbaan kan hin dubbane ta'uu kan ibsituu fi waan nyaatamuu kan daa'imaaf kennitu haadha akka taatefi kan guddisu waaqa akka ta'e kan itti calaqqisiistudha. Qabiyyeen urursa kanaa inni ijoon daa'imman hirribaan yookiin taphaan qabamani nyaataan akka hin miidhamne kan taasisanii dha.

Ijoollee Osoon sisossobuu jabbiin tiyya hoote

Jabbilee gara margaa rarii

Saree tiyya waanyattaa galii

Urursa kana kessatti immoo haati daa'ima osoo waamtuu jabbiin hodhuu fidaa'imtti jabbiidhiifte akka nyaata nyaattuu kan urursaan waamtuudha. Yommuu kana nyaataan akka hin miidhamne taasiisuuf kan itti gargaaramtudha.

### 4.1.8 Urursa haati yerood heeraaf ilmoo dhabdee argatte urursitu

Afwalaloo urursa daa'immani faaiyidaa heddu qaba kunis daa'ima qofa faarsuu osoo hin taane kan haati galateffattu jiruufi jireenya ishii abba manaa ishii waliin kallattiidhaan sababa ilmoo argatteef kabajamte jiraachuuf dand'au ishii kan kessatti hafuura baafattuu ta'uu isaa jiraattuu Ganda Dayya'aa kanta'aan Addee Badriyaa Ibraahim afwalaloo urursa armaan gaditiin ibsame jira.

Algabaraa qororoo qabanii

Algabaruu isiniif dhaabani

Algabare baduu gayee rabbi naa nayee

Gaalee mureeharkisuu dadhabe

Gaane dhalee finnakanarra cadhisu dadhabee

Urursa armaan olii kana haati daa'ima dhabde yeroo dheraa erga turte booda argachuu ishii daa'ima urursuudhaan gammachuun kan ibsituu dha. Kanas horii algabara yookiin rakkisaa ta'e tokko qororoo itti godhani qabunamnni ilmoo qabu immoo sababa ilmoo sanaaf jecha of gadi qabee kan jiraatuu ta'uu ibsa.Kana malees sababa ilmoo osoo hin argatin turteef algabaraa taatebaduu ergageesse waaqni rifateefi ilmoo kennufi kan agarsiisuu dha.Kana

irraan kan ka'ee ilmoo rgachuuf heddu yadda'aa turte waan argatteef ilmoo sanarraa caldhisuuf obsa dhabu kan urursaan ibsattu dha.Qabiyyeen ursa kanaa yoo ilmoo hinqabne wanti kamiyyuu gadi kan nama qabuufi ilmoo dhabuun yaaddoo guddaa akka ta;e obsaan jiraachuun rakkisaa akka ta'eibsa. .

Gaalee muree tagololchaa
Gaanee dhalee sigondolchaa
Gaalee muree ta'ulinii
Gaanee dhalee taduriimii
Shashaa jedha arbikillaa
Dhaaqanaa laafaa qabaa warri finnaa



**Figure 3 Urursa haati yeroo dheeraaf ilmoo dhabdee argatte agarsiisu**

ufanni urursa armaan olii kunis haati erga yeroo dheraa turtee daa'ima argatteee akka yeroo rii daa'ima hin qabne sana osoo hin taane yaadni ishii jijjiramuu kan ibsitudha Kana alees daa'ima sana heddu yaadoftee waan argattef amma amma irra deddebite kunuumsu kka qabdu kanittin ibsattuu dha. akkasumas garaan haadhaa baay'ee laafaa waan kamiuu dura sababa daa'ima sanaaf jecha kan hin jabaane ta'uu kan ittin ibsursa agaraa laaftufi daa'imaaf kunuunsa olaanaa kan gootu ta'uu isaati

Algabara nakasomsitei
Nabsee hin qabdu naqaromsitani
Algabara qooro hin bitani

Algabaruu finummaaf didani jedha raammoo tiyya

Urursi kun kan agarsisu ilmoon namaa amala rakkisaa ta’e kan sirreesitu daa’imuuma ofii sanaaf jecha fedii ofii duukaa b’uu dhisani gadi jedhani akka jiraatan kan agarsiisuudha .sababa ilmoo argattef jecha haati dura lubbuu ofitiif gatii hinkeennine yoo ilmoo argatte yoo rakkon ishii irragaye ilmoon na duraa miidhamti jettee yaaduun of akka kunuunsitu kan agarsiisuudha

Saree adii naan jedhani
Bayii badi naan jedhani
Bayee baduuf of gaqqabee
Rabbyyoon na dhaqabe
Rabbyyoon ka galata
Kenni salaamata

Urursaan armaan olii kana kessatti haati dhaia dhabde yeroo dheraa turuun hawaasa biratti heddu jibbamte abdii kutte baduuf erga qophoftee waaqni ilmoo ishiif kennuun ishii dhaqabuu kan itti ibsattuu dha Qabiyyeen isaas dubartiin takka yoo ilmoo hin qabaane ilaalcha hawaasa biratti qabdu gad aanaa ta’uufi kabajaan guddaan ilmoo waliin akka ta’e ibsa. Karaa biraatiin haala armaan gaditiin urursu.

Akka naan jedhe abbee
Halange gate jedhee
Yaratte bade jedhe
Bayee baduufcitaa manaa qaqqabadhee
Kabayee baduu Gaye rabbiyyoon na dhaqqabe

Jechuudhaan komii abba manaa ibsatti. Urursa kanarraa akka hubachuun danda’amuutti sababi haati ilmoo dhabde yeroo dheraa turteef abbaan manaa sababa garagaraa barbaaduus ishiin abdii kutate deemmuu dhisuu ishitiin waaqni ilmoo keneefi jireenya gaarii akka jirattuu ta’uu ibsiti. Qabiyyeen urursa kanaa haati ilmoo qabdu takka kabaja guddaa hawaasaa fiabbamanaa biratti kan qabdu ta’uu agarsiisa.

Ushururuu ushururu
Gadaa kaduun dhalatee
Gadaa maseenni dette

Muka gogaatu margee
Muka dame kombolchaa
Nutu dame tokkichaa
Maaltu dame fottossaa
Gaafa isiiniin bayee
Dameen makkallaa muraa
Makkallaa maaltu muraa
Makkala maaltu dayaa

Urursi armaan olii kun dubartiin takka daa'ima osoo hin argatiin yeroo dheeraa turuu ishiirraa kan ka'e ilma ishii maqaa dhayuun haalli ishiin keessa turte rakkisaa ta'uu kan itti ibsattuu dha.Kanamalees yeroo dheeraa turuu ibsachuuf akka waan maseena yookiin horii hindhaletti fudhatti yookiin ilmoo argachu ishii immo akka waan mukni gogaan marga baasetti heddu yaadu ishii ibsatti.Gamabiraatiin ilmoo argachu ishii ibsachuuf namnni ilmoo qabu akka muka dame qabuuti dameen sun immoo kan hin tuqamne akkuma ilmoo sanallee tuquun dhorgamaa akka ta'e kan itn ibsattuu dha.Yommui ilmoo argattee dameen akka makkallaa ta'etti kan kunuunfamu ilmoonis bifuma saniin akka kununfamuu qabduufi haati ilmoo beekaa malee wallalaa kan hin deenye ta'uu kan agarsiisuudha.

Ijoollee ijoollee
Hin dubbadhuu qaraayyuu
Duddubisoo dhalaayyuu
Dhatuu nama dubbisa
Waaqatu namaa guddisa

Kana jechuun namni tokko kan hin dubbane yoo ta'ellee daa'imti miira gammchuu yookiin nama hin dubbanelee dubbisu kan dandechuu ta'u kan ibsuu dha.Kana malees wanti nama dubbisu ilmoo akka ta'e ibsuuf 'Dhalatu nama dubbisa waaqatu nama guddisa' jechuun ibsatti. Qabiyyeen isaas ilmoon kan garaa namaa laaffisuu ta'uu agarsiisa

Gaalee muree tasinnaara iamaa
Gaanee dhale si arraba lamaa
Jabbin haroo dhuddee booresite
Jamuunro'oo dhuddee mooressitee

Urursa armaanolii kana irraa wanti hubatamu dubartiin takka erga heerumte booda osoo daa'Ima hin godhatin yeroo dheraa ergq turtee daa'ima argachu ishii kan agarsiisu dha.kana jechuun daa'ima dhabu ishii agarsifachuuf gaane dhale siarraba lamaa jechuun dhabde hedduu turuu ishii ibsachuun amma amma dhungachuun jaalala daa'imaaf qabdu agarsifti.

Ijoolle ijoollee
Ijoolliyyoo mana maankabinii
Ilmoon sinbiraalee ilmee hin dhabini
Ilmoon sinbiraa buute naduraa hincabin

Karaa biraatiin Ilmoon sinbiraallee mandheee hin dhabini urursi daa'immani jireenya hwaasummaa yookiin maatii walitti hidhuu kessatti qooda olaanaa qabaachuu kan ibsuu dha .Kunis haati takka yoo ilmoo hin qabaane hin kabajamtu yookiin abbaa manaatiin sadarkaa wal hiikuu yookiin bultiin diigamuus kan geesisuu dha.kana imoo afwalaloo kanaan gargaaramuun ibsatti kana irraa kan ka'e ilmoo namaa dhisii simbrrillee ilmoo hin dhabiin jechuudhaan barbaachisummaa ilmoon qabdu ibsatti hawaasnni kessa jiraatanis yeroo durii ilaalcha gaarii akka hin qabne kan dubarttonni keessatti ibsatan af walaloo kana irraa hubachuun ni dand'ama'kunis miira tufiitiin ilaaluu,Kana hunda obsaan bira dabarte ilmoo argachu ishitti heddu gammaduu ishii kan kessatti ibsattu dha. walumaagalatti qabiyyeen urursa kanaa ilmoon jiruuf fijireenya hawaasummaa kessattis ta'e maatiin jireenya gammachuu waliin jirachuuf hamilee dubarti tokkoof ilmoon bu'uura ta'uu kan mul'isu akasumas jaalall dubartiin ilmoo yeroo dheeraaf dhabaan argatte baay'ee olaanaa ta'uu isaa urursa arman olii irraa ni hubatama

Haati raamiyyo qabdu
Maaliifhin qabu jettii
Badduu barbada qabdi
Duutu awaala qabdi
Awaalli sodduu qaba
sodium dhibaayyuu qaba

Afwalaloo armaan olii kun ijoollee qabachuun qabeenya guddaa waan hunda caaluu qabaachuu kan agarsiisuu dha. kunis namni qabeenya hin qabne yoo daa'ima qabaate boone

gammade nama kamiyyuu olitti bashananaa jiraachuu akka danda'uu kan mul'isu dha.kana malees namnni qabeenya qabu qabeenya isaatiin yommuu boonuu kan ilmoo qabu ilmoo isaatiin boona akkasumas ijollee horuun akka biqiltuun dame baay'ifatee sun immoo makkallaa ta'e sirnaan qabate babal'achu waliin walqabsisuun ijolleen qabeenya guddaa yeroo kamuu hindhumne ta'u kan itti ibsatani dha. Kana malees namni ilmoo qabu yoo du'ees yoo badees kan isa barbaadu yoo dullomtees kan ishii sooruu Wabii maatii isaa oiaanaa ta'uu kan agarsiisuu dha'Haati daaima qabdu takka waan fedheillee yoo ta'e daa'ima hin qabu jechuun sirrii akka hin taane kan keessatti ibsattuu dha. Haawaasni Aanaa Hexxosaa yeroo durii urursa daa'immani kana haalaan fayyadamaa kan turee fi yeroo ammaa kana namonni ammmayuummaa yeroo ammaa mul'atuun walqabate kan baa'inaan hin fayyadamne ta'ee darbbe darbe hawwotiin durii fi akaakayyonni tokko tokko afoolicha irratti hubannoo kan qaban ta'uu fi afolicha irratti hubannoo kan qaban ta'uufi kaka'umsa gaarii yoo qabataniyyuu hawaasa hedduu biratti fedhiin yookiin kaka'umsi gaariin hin jiru. Kanumaan walqabate afoola kana hawaasa kessaa funaanuun olkaayuu iratti gaheen yookiin tataafiin gama waajjiira aadaa fi turizimiitiin hamma barbaadamuillee deemuu yoo baate tattaafiin godhamaa jiraachuuisaa ibsani jiru.

### 4.2 Urursa Daa'immanii kanneen Al- Idilee ta'an

Urursa daa'immanii kanneen qorattuun qoqoodde urursa haati haala gargagaan daa'ima urursaa ergawwan adda addaa dabarfachuuf itti gargaaramtuudha. Kana jechuun haati daa'ima ofii osoo urursituu daa'imaan fakkeessitee rakkoolee gargaraa hawaasa yookiin abbaan manaa ishiiraan gaaye kanittiin ibsattuudha.Isa kana keessa urursa haati komii hawaasaa yookiin abbaa manaa ibsachuuf urursitu dha.

#### 4.2.1 Urursa haati daa'imaan fakkeessaa komii ibsattuun

Afooli uummata oromoo faayidaa hedduu jiruu fi jireenyaa hawaasummaa keessatti akka qabu shakki hin qabu. Keessattuu faaruu daa'immani kanaan wal qabatee haati takka yeroo daa'ima ishii urursitu yaada garaa ishii keessa jiru urursa daa'imaa kana keessatti ibsatti keessumaa ammo waa'ee daa'imaan walqabatee abbaan warraa ishiitiin dhibbaan irra gayuu danda'a yookiin immoo haala rakkoo ijoollee ofii irraa kan ka'e hojii mana keessaa akka ishiin hin hojjanne gochuu dhanda'u. Fakkeenyaaf abbaan warraa karaa deeme haati daa'imaf rakkattee nyaata osoo hin bilcheessine yoo gale reebuu yookiin arabsoo adda addaatiin ishii tuquudanda'a kana

immoo haatidaa’ima ofii faarsuu fakkeessite komii keessa ishii kana ibsatuu dha. Afwalaloon armaan gadiis haala kan agarsiisu dha.

Halangee gate jedhee
Erga ati dhalattee
Yarattee bade jedhee
Haabaddee teettu jedhee
Biyyaa haadeemtu jedhe

Urursa armaan olii kana keessatti hati daa’imman fakkeessaa karaa al idilee taleen komi abbaa manaa kan ibsattuu dha. Kanas abbaan manaa erga daa’ima dettee kaase halangee seeraan kaayuu dhabuu ishii fi yarachuu ishii ibsuun akka isaan gargr baatuu taasisuu isaa kan ibsattuu dha. Qabiyyeen urursa kanaa dhibbaa abbaan manaa irraan gayaa jiru karaa al –idilee ta’een yookiin waan kallattiin ibsachuu sodaattuu urursaan gargaaramtee ibsachuu akka dandeettu kan agarsiisuu dha.

Gaarree bakuu ijoollee
Baadhee baduu ijoollee
Baadhee bade eessagayaa
Morka maraa siinuu dayaa

Buufata urursa armaan olii kana keessatti haati daa’imaa dhiibbaan mana keessatti yoo irra gaye daa’ima baadhattee baduuf garaan ishiillee yoo yaade ilmoo baadhattee eesayyuu gayuu kan hin dandeenye ta’uu ibsachuun waan garaan ishii yaadu hundayyuu ilmoo sanaan bayuu kan dandeechu ta’u kan ittiin ibsattuudha.

Qabiyyeen isaas ilmoon maatii walitti hiitu jireenya maati gammachisaa ta’eefis gahee guddaa qabaachuu kan mul’isu ta’uu hubatamee jira.

Akki abbaa naan jedhe hoo
Halangee gate jedhee
Yarattee bade jedhee
Halangee gatuun anaa
Yaradhee baduun dharaa
Qorsee adaadoota faayaa tana
Maaltu lafa kaayaa

Urursa armaan olii kana keessatti imoo karaa al-idilee urursaan gargaaramuun gochaa abbaan manaa irratti raawwate keessa tokko amantee tokko immoo soba akka ta'e ibsachuun waan fedhellee yoo ishiin jedhan ilmoo ishiitiin gargarbaasuu akka hin dandeenyee kan ittin ibsattu dha.




**Figure 4 Yommuu qoratuun haadholii waliin marii taasisutu agaarsiisu**

Ijoolee ijoollee
Gandanaa gandaraa ganda shiilloo daka
Yoo daakkaa na dhoorgite shiimoo naqaa
Abbee shiimoo nyaatuu eessadhaqaa
Farda boora fe'aa
Eessumni kee rariyyoo
Sila boona fedha
Raroo eessuma misee dhangalaafte gisii

Urursa armaan olii kana keessatti haati daa'ima urursaa rakkoo ishii mudate kana ibsattuudha. Kana jechuun daa'imti rakkistee midhaan akka hin daakkanne gochuun abbaa manaatiif shimoo qopheessuuf karoorfachuu ishii kan ittiin ibsattuu dha. Haata'uumalee abaan manaa ishii shimoo waan hin nyaanneefi amalli isaa rakkisaa ta'uu urursaan gargaaramuun kan itti ibsattuu dha.

Raroo muyoo sabaratti
Arsiin alaa dalagattii
Lolli hin jiruu manattii

Haatee si'uu sababattii
Attamumaan dalagattii

Karaa biraatiin yemmuu namoonni alaa hojii dalagatan haati daa'imaa sababa daa'imti rakkisteef jecha rakkachuu yookiin dalagachuu dadhabuu ishii urursa kanaan kan ibsattuudha. Qabiyyeen urursa kanneenii rakkoo abbaan manaa haadha manaa irra gayu urursaan gargaaramuun karaa al-idilee ta'een ibsachuu akka dandeechu kan hubatamu dha.

Gaarara deemtii adeemtuuni
Ta'eennuuti jetti sageettuunii
Taboosooti jetti dhageetinii
Gaarara deemii allaanduu naabuqqisii
Garaa kiyya laalii rabbiyyoo naaguddisi

Urursi armaan olii kun haati daa'imaa takka hawaasa biratti tuffatamuufi akka nama dadhabaa ta'eetti ilaaluu kan agarsiisuudha. Namonni karaa deeman daa'imti kan eenyuu akkataate baruuf yommuu gaafatus namni dhagaye daa'ima dubartii boosetti akka ta'eefi ishii tuffachuu isaanii "ta'eennuuti jetti sageettuunii taboosooti jetti dhageettuunii" jedhani akka arrabsan kan urursaan ibsattuu dha. Ishiinis haala hawaasaa osoo hin taane akkuma garaa ishii ilaalee akka guddisuuf waaqa urursaan kadhachuun ishii hubatamee jira.

Ijoollee ijoollee
Hoolota walolanii gararaa
Boosotti walolanii baranaa
Boosoo gowwaa rincicaa
Sana ilmaan irkisa
Haayaradhuu bayeen kadhadhuu
Maasaan duraa qaarma'aa galabaa baatee
Haateduraan yartu'uu sideennaan walaba taate

Urursi armaan olii kan mul'isu haati daa'iman fakkessaa yommuu komii abbaawarraafi hawaasa keessa jiraattu ibsa. Kana jechuun bara ilmoo argattee sana ishii hawaasni boosetti jedhee waamuu badhaasa ilmootiin milkaayuufi boosetti illee taatu ilmoo sanaan waaqni ishii gargaaruu ibsachuuf boosoo gowwaa rincicaa sana ilmaan irkisa jechuun ibsattuudha. Kana hin eegganne ta'uu kan ibsattuu dha. Akka fakkeenyatti dhalachuu daa'imaatiin walqabatee waan abbaan warraa jedheen akkas jechuun himatti

Erga ati dhalattee
Yarattee bade jedhe
Haabadde teetu jedhe
Biyya haadeemtu jedhe

Qabiyyeen yookiin ergaan urursa kanaa daa'imti erga dhalattee yarattee bade jechuun hojii hojjatuu haala gaariin kan hin baane waan qophaawu seeraan kan hin qopheessine ta'uu kan ibsu ta'ee abbaa warraa waliin jiraachuu dhiitfee biyyaa akka gara mana warra ishittis hin deebine gochuu isaa kan ibsattuudha. Kun ammo kan agarsiisuu daa'imni abdii guddaa haadhaa kan keessa ishii bal'inaafi dhiphina ishii itti himattuu ta'uufi yeroo akkasi san miirrii daa'imaa gammachuun guutamaa kan deemuu ta'u ibsa.

## 4.3. Faayidaa Ururs Daa'immanii

Hati tokko yommuu daa'ima urursitu daa'imti sun akka hin boonye yookiin daa'ima cllisistee hojii ofii qofa hojjachuuf akka hin taane Aadde Jamilaa mohamad gaafa guyya 7-06-2012 waliin af gaaffii qorattuu adeemsiisteen urursi daa'immanii faayidaa hedduu akka qabu ibsanii jiru. Faayidaa urursi daa immanii kun qabu keessaa muraasni dandeettii afaan hiikkachu isaanii safisiisa kana jechuun daa'imman yeroo baayee haati urursaa guddistu daddafanii afaan hiikkatu dafanii haadhaa fi abba waamu kun immoo dhawaatuma dhawaata daa'imman akka sodaa hin qabaane waan taasisuuf daa'immaniif gaariidha. Kana malees sammuun isaani cimaa akka ta'u taasisa.

. Kunis ijoolleen daa'imummaa isaanii irraa eegalanii urursa sagalee haadhaa miidhagaa kana dhagayaa guddatan dandettiin yaaduu isaani ni dabala. kallatti iilee garagaraatiin bashananaa waan guddataniif dhiphina malee dubbatu ofitti amanamummaafi ija jabeeyyii akka ta'an gargaara dandeettiin afaan baruu isaani akka gabbatu ni taasisa. Kana malees daa'imman urursa daa'immaniin urursama guddatuu haati yemmuu daa'ima urursitu abbaan akka ishii loluu waa ballessuun sirrii akka hin taane; ergaa diduun sirrii akka hin taane; firaafiollaa akkasumas jireenya hawaasummaa gaarii barachaa akka guddatan taasifti kana malees urursi daa'immanii gama guddina afoolaatiinis shoora olaanaa qabachuu isaa yaada odkennitoota irra hubachuun danda'ameera kana jechuun urursi daa'immanii hawaasa keessattti haala gaariin hojii irraa oolee namootni itti fayyadaman yoo heddummatan afwalaloon kun dhaloota dhalootaatti daddarbaa akka deemu taasisa. Kitaabilee barnootaa keessa galee akka qabiyyee barnootaatti barsiifamuun

afaanichi akka guddatus karaa saaqa.afoolli hawaasaas akka balinaan beekamu taasisa. Kun immoo afoolichi sirnaan akka lafa qabatuufi dhimmota hawaasummaa kanneen akka baruufi barsiisuu keessattis tajaajiluun afoolichi akka dagaagu taasisuu danda’a.

# BOQONNAA SHAN

# CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Urursi daa'immanii af walaloowwan godina Arsi aanaa Hexxosaatti beekaman keessaa isa ijoo fi beekamaa dha. Innis akaakuu afwalaloo ta'ee kan ummanni oromoo keessattuu haawwonni yookiin guddistonni daa'immanii daa'imman akka hin boonyeefi dhimmoota jecha daa'immaniif kunuunsa taasisunii dha. Barbaachisummaan qorannoo kanaa qabiyyeen sossoba (urursa) daa'immanii hawaasicha biratti akka hin irraanfatamne afwalaloowwan urursa daa'immani hawaasa keessa jiran walitti qabuun dhaloota dhufuuf dabarsuuf gargaaruu danda'a kaayyoon qorannoo kanaas qabiyyee urursa daa'immanii aanaa Hexxosaa keessatti argaman xiinxaluu dha.

Qorannoon kun mala qorannoo jiran keessaa gosa qorannoo akkamtaa fayyadamuun kan adeemsifame dha. Meeshaaleen funaansa odeeffannoo qoranichaas afgaafii,daawwannafimarii garetti fayyadamudhaan suuraafi bifa yaadannoo qabaaachuutiin ragaleen barbaachisuu qindeeffame qoranichi ademsifame jira. Ummanni Aanaa Hexxosaa yeroo durii irraa eegale jaalala daa'immaniif qabu kallattii gara garaatiin bifa faaruutiin kan ibsachaa turee dha.Innis haawwotii yookiin maanguddoota maatii ijollee taa'aniin kan adeemsifamu ta'ee daa'imman gammachisuuf , ergachuuf,nyaata akka nyaataniif yookiin dhuganif, akka hin boonyee fi ademsoota gara garaa kessatti kan faarsanidha kana ammo yoommuu raawwatan dugdatti baatani olii figadi manakessaan deddemaa kan faarsanidha. Haawwotiin daa'imman yommuu faarsan sagalee hedduu miidhagaa ta'ee fidaa'imman hawwachuu danda'uun sagalee isaanii jijjijiraa kan faarsaniidha. Kun immoo daa'iman akka miira kanaan liqimfamanii akka raftuu yoobarbaadan raffisuuf yoo akka hin boonyee barbaadanis akka callistuu gochuuf,yeroo tokko tokko immoo jaalaluma daa'imaaf qaban irraa kan ka'e faaruu faarsaa firaa fi maatii yokiin abba warraa maqaa dhaya dhimmoota garaa ishii kessa jiru yookiin haati komii ibsachuuf kan itti gargaaramtuu dha.Haala kanaan guddistonni yookiin haadholiin daa'imman isaanii yommuu kunuunsan urursaan kangargaaramanii dha.

## 5.2 Argannoo

- Urursaan daa'immanii yoomessaawwan kannen booyuu dhorguu nyaata nyaachisuu Jaalala daa'imaaf qaban ibsachuu akkasumas daa'imman gara fuulduraatti ajaja maatii akka fudhattuuf jecha tooftaan ergachuufi kanneen birootiif kan ururfaman ta'uu hubatame jira,
- Gosonni ururssaas Idileefi Al -idilee akka ta'an bira,gaahamejira, Urursi daa'immani kan idile t'ee sammuu daa'immani qaruu,bashanansisuu.komii ibsachuufi nyaata nyaachisuu,akka hin boonyee gochuuf,safuu yookiin naamusa barsisuuf ergachuufi kanneen birootiif akka oolu bira gaahamejira.Urursi daa'immani Al-idilee ta'e immoo komiiabbaa manaa yookiin hawaasaa ibsachuuf kan hawwotiin itti gargaaraman ta'uu hubatamejira.
- Qabiyyeen urursadaa'immanii immoo; kanilma dhiraatiif uruurfamu, kan intalaDurbaatiif ururfamu,Uruursa yeroo daa'imman bochuu ittiin sosoban,Urursa haati Daa'ima ergachuuf urursamu, urursahaati daa'ima argate urursitu,urursa jaalala daa'imaaf qaban agarsiisuuf Daa'imman nyaata nyaachisuuf kanurursamufikan biro akka of keessatti qabu bira gaahamejira., yookiin kabaja barsiisuu,firoottani fi maatiiwwan barsisuuf gahee guddaa qabaachuu isaa hubatameera,
- Faayidaa urursadaa'immani; daa'imman afaan barsisuuf, bashanansiisuuf, gorsuuf,jaalala daa'immanifqaban ibsachuuf,komii ibsachuufi kaneen kana fakkaatan ta'uu qaacceessa irraa hubachuun dandaa'amejira. hawwotiin itti gargaaraman ta'uu hubatamejira,

## 5.3. Yaboo

Ragaaleenod-kenitootaa irraa malaiddattoo miti carraa yookiin iddattoo kaayyoo fi darbaa dabarsaadhaan filataman irraa walittiqabaman boqonnaa afur jalatti qaacceffamanjiru, kanamalees ragaalee qaacceffaman irraa ka'uun qoranichi akka waliigalaatti goolabameera ,bu'uuruma kanaan yaboon qoranichaas akka armaan gaditti kaa'ame

- ❖ Afwalaloowwan urursa daa'immanii kana hawaasni Aanaa Hexoosaa yeroo ammaa baa'inaan itti fayyadamaa waan hin jirreef haawwasa keessaa dhabama waan jiruuf waajjiirri Aadaa fi Turizimii Aanaa Hexxosaa afwalaloo urursa daa'immani kana irratti

qorannoo bifa adda addaatiin gaggeessuun dhaloonni haaraan akka hubannoo gaarii horataniifi afoolichis akka hinbanne kununsuun qixa sirrii ta'een akka itti fayyadaman gochuun barbaachisaa dha,

- Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa hexxosaa faaruu yookiin weedduu urursa daa'immanii kana haala garagaraatiin vidiyoo yookiin warabbiifi maanguddoota urursa daa'immani irratti hubannoo gahaa fi muxannoo qaban suuraa kaasuun af-walaloo sana barreffamatti jijjiruun manneen barnootaatiif osoo raabsame
- Biiroon Barnoota oromiyaa faaruu yookiin urursa daa'immani kanaa fi kanneen biros godinaalee adda addaa, irraa funaanuun qabiyyee barnotaa kessattuu gosa Muuziqaatiin barnootaa osoo dhiyeesee gaarii ta'aa,
- Hojjattonni mootummaa. Baratonni barsistonni.akkasumas hawaasn bal'aan sirna afwalaloo urursa daa'imanii hawasichaa biratti jaalala. safuufi falaasama haawaasichaa agarsiisuu kana dhimoota akka duudhaa isaa eegatee itti hin fufne taasisan irraa tikfachuun barbaachisaadha,
- Gosotni yookiini akaakuuwwan urursa daa'imanii beekumsaa fi muuxxannoo hawasichi waliin gabbifate waan ta'aniif beektonni hawaasichaa keessattuu akka aanichatti jiran afwalalowwan biro wajjiin walqabsiisuun gadi fageenyaan qoratani hawaasichaaf qooduun akka hawaasichi afoola isaa kununfatu gochuutu irraa eegama kana malees dhlonni ammaa faaruu yookiin urursa daa'immani maatiirraa dhaaluun faayidaa urursuun kun daa'immanif qabu hubachuun barreeffamatti jijjiruun osoo olkaayaan filatamoodha.
- Afwalaloon urursa daa'immani kanneen haala miidhagaafi hawwataa ta'een yeroo durii hawaasa keess jiran yeroo ammaa hawaasa kessaa dhabamaa dhufani jiru kanaafuu urursa daa'immani keessatti barbaachisoo fi murtessoo taa'aniifi garuu immoo dagataman deebisanii akka dandamatan gochuaa. Kaneen guyyaa keessa ilaalcha hawaasaa keessattuu dhimma koorniyaan walqabatan irratti hubannoo uumuun qaamoleen adda addaa gadi fagenyaan irratti hojjachuun kanneen tarii dhibbaa fidu jedhamani yaadaman (amantii.siyaasa.saayinsii fi teeknoolojii) immoo osoo dhibbaa cimaa hin fidin hawasicha hubachisuun barbaachisaadha.

## 5.4. Wabile


Aadam Kadiir (2001), *Handhuraafi urursa daa'immani*, Mana Maxxansaa Kaaleef Dirree Dawaa,

Abiyoot Adinoo (2016) Qaccessa raawwii faaruu daa'immani Aanaa Amboo,Waraqaa qorannoo Digrii Lammaffaa,Yuunivarsittii Addis Ababaa

Addunyaa Barkeessaa (2011), *Akkamtaa*, Finfinne :Mega Printing Press, (2014), SEMMOO: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola oromoo,

Ahmed Dedo (2010), *Immaje of Women in selected 0romoo Folktales*, Folksongs And Proverbs With particularReference to East Arsi Zone, AAU, MA Desertation

AsafaaTeferaa (2011), *Eelaa; Seenaa OgummaaOromoo*;FinfineFar EastTrading PLC

Beekan Gulumma (2015) *Dimdimo: coomaa aadaa fi afoola ummata oromoo* Finfine,ELLENI,P,P,Ple

Biiroo Aadaafi turizimii Oromiyaa,(1998) *Seenaa Oromoo,Hanga,jaarraa* 16ffaa Finfinne; Mana Maxxansaa BirmanaSalaam,

Bosswell, G,(1962) *Fundmental Of Folk Litreture*,OsDASSAALANY9terhout; Antropolojical publikations Cambridge University

Dan,Ben Amos,(1971),Ritual *Prespectivesand Diminetions Newyork*,Oxford Universiy press,

Dastaa Dassaalany (2002),*Buura qorannoo,Finfinnee*: Dhaabata maxxansaa Boole,

David E ,Gray, (2004,),*Doing Research in the Real wtorld* ,London;SAGE publicatio

David E,Gray,(2004),Doing *Reserch in the real world*,London;SAGE,Publicationsl,td

Dorsan R(1972,)1972,*Folk life;*An Introduction ,Chicago;The university of chicago

Dr Dame Abera(2014), ''Childrearing amng Arsi Region'', WaraqaaQorannoo digrii sadaffaa Yuunivarsitii Addis Ababaa,

Girma Tadese (2014), *Methoology And Writing UP Research:*Handook For studentsAnd supervisors,Mega publishing and DistributionPic,Addis Ababa,Ethiopia

Hinseenee Makuriyaa(2010), *Gaachana kormaa*,Finfinee,FarEast TradingPlc,

Jersey;PrincetionUniversityPress,

Melakneh Mengistu(2006,) *Fundamentals of Litreture*,AddisAbaba; Addis Ababa University,

Misganu Guluma (2013*),DILBII;Bu'uura Afoola.Ogafaanii fiAfwalalooOromoo*,Finfinne,

Muhammad Sayid(2017),*Seenaa fiqabsoo Oromotaa*(5thedition,)Finfinnee Graphic

Preminger and Borgan,(1993),The New Principle, encyclopedia ofPoetry and ,Poetics, New

Ruth Fingeen(1976) Oral *Litrature in Africa*,Nairobi;Oxford University, Press,

RuthFinnegan (1970) *OralPoetery*, Its Nature Significance and Social content,Cambridge,

Sims C,andStephensM,(2005),*LivingFolklore;An Introduction to the study of people and ther Traditions*,Utah stateUniversity Press,

SubiPrinting Press,

Tafarii Ayyanaa(2004),*NEW SYSTEMATIC BOOK SERIES* AFAAN OROMOOKUTAA7-10 AsterNega Publishing Enter Prise,Finfinne

**DABALEE-A**

# Yuunivarsitii Addis Ababaa

**Kolleejii Saayinsii Hawasaa fi Humaaniiti Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutti**

Af-gaaffii dhunfaa dhimmoota haala hawaasnni Yeroo ammaa urursa daa'imman itti gargaaramu waliin walqabate ilaalchisee bu'ureffachuun od kennitootaaf dhiyaate

1. Odeffannoo Waa'ee od kenitoota

Maqaa-----------------------------------------------

Saala: Dhi ☐ Dub ☐

Bakka Jireenyaa:-Ganda---------------------Aanaa-------------------Godina----------------------------

Gahee Hoji------------------------------------------.

**A/Af-gaaffiwwan**

1.Sossobni Yookiinurursi daa'immanii naannoo kessanitti urursamaa?

2. Daa'imman YerooYookiinYoomessa akkamii kessatti sossobdu?

3 .Qabiyyeen yookiin ergaan urursadaa'immanii qabu maalmaal fa'a?

4. Akka naannoo keessanitti urursi daa'immanii faayidaan daa'immaniif qabu maal fa'a?'

5. Waiytii daa'imman urursitan maaltuu isinitti dhagahama?

**DABALEE-B**

## Yuuniversitii Addis Ababa

**kollejjii saayinsii Hawaasaa Humaanitii Muummee Afaanoromoofi ogbaruutii**

**odeffannoo marii gareef dhiyaate**

**B/ MariiGaree**

Gaaffilee marii hawaasaa Aanaa Hexxosaatiif dhiyaate

Maqaa-------------------------Saala------------Umurii------------------Ganda ------------

**Gaaffilee Marii Urursa daa'imman iirratti Odeffannoo Funaanuuf Qophaa'ee**

Kaayyoon gaaffilee kanaa dhimmoota urursa daa'immani irratti odeffannoo walitti qabachuudhaaf waan ta'eef hubannoo f ibeekumsa urursa daa'immani irratti qabdan osoo hin qusatiin akka naaf gumaachitan kabajaan isiin gaafadha .Kun ammoo qorannoo kanaaf gahe guddaa waan qabuuf hayyamtoota ta'uu keessaniif galatomaa isiniin jedha.

1.Kaka'umsi hawaasni yeroo ammaa kana urursaan fayyadame daa'ima kununsuuf qabu maal fakaata?

2. Urursi daa'immani hawaasa kessatti qabiyyee yookiin ergaa maalii qaba?

3. Urursi daa'immanii faayidaa maalii qabaa?.

**DABALEE-C**

## Yuuniversiitii Addis Ababa

### Kolleejjii saayinsii Hawaasaafi Humaaniti Muummee Afaan Oromooofi Ogbarruutti cheeklistii yommuu daawwannaan qorattuun adeensisfamu agarsiisu

### C/Daawwannaa

| T | QabxileeXiyyeffannooDawwannaa (observation Cheklist) | Filannoowwan deebiif kennaman | | Ibsa daawwanna irraaargame |
|---|---|---|---|---|
| L | Urursi daa'immani yeroo (yoomessaan) qoqqodamee urursamaa? (gnamaa figalgala.haala ijollee irratti hunda'uun….) | | | |
| 2 | Urursi daa'immani haala raawwii niqabaa?(haala qabannaa daa'imaafi sochii) | | | |
| 3 | Ururs ijollee dhiraa fi intalaatiif ururfamu tokkoo? Waanuma daa'imni boochuuf qofa urursituu? | | | |
| 4. | Yeroo daa'ima urursitan daa'imman maaltu itti dhagayama? miira akkamii? | | | |
| 5. | Urursi daa'immani akka afaan hiikkatanif nigargaaraa? haalakamiin? | | | |